



Jijiirama  
hundagaleessaaf  
Odeeffannoo sirri!

Bara 31

Lakk. 19

Bitootessa 12 bara 2016

Gatiin qar. 15

## Dhaabbileen Invastimentii O-Piroodiyuus Giruuppiifi Itiyoo Injinariingi Giruuppi waliigaltee hojii waliif mallatteessan

Oliifan Raggaasaatiin

Dhaabbileen Invastiment O-Proodiyuus Giruuppiifi Itiyoo Injinariingi Gruuppi dhiyeessii meeshaalee jijiirraa maashinootaa, hojirra oolmaa bu'aawwan tekinoolojiifi deeggarsa teeknikaa irratti waliin hojjachuuf guyyaa kaleessaa waliigaltee waliif mallatteessan.

Hoji Gaggeessituu Olaantuun Dhaabbata Invastiment Giruuppi O-Proodiyuusii Injinar Maartaa Balaay waliigalteen kun ergamoota ijoo dhaabbatasanii kan ta'an hojii manufakchariingii irratti hirmaachuu qaawwa gabaa akka biyyatti mul'atu guutee gabaa tasgabeessuun fayyadamummaa hawaasaa mirkaneessuu, sirna gabaa keessatti dorgomee bu'aa buufachuu



madda galii dabalataa ta'u, carraa hojii bal'inaan uumuufi giddu gala tekinoolojiifi kalaqaa ta'un ce'umsa gara industriitti taasifamu dhugoomsuuf hojii hojjataa jiru milkeessuu kan kaayyeeffateedha jedhan.

Hojii Gaggeessaa Olaanaan Dhaabbata Itiyoo *Gara fuula 14tti*

## Waajjirri Qonnaa Magaalaa Jimmaa inisheetiivii qonna magaalaa milkeessuuf hojjetamaa jiraachuu ibse

Waajjirri  
Magaalichaatiin

Komnikeeshinii

Waajjirri Qonna Magaalaa Jimmaa inisheetiiviiwan qonna magaalaa hunda galeessaa ta'e hojjirra olchaa jiraachuu beeksise.

Qonni magaalaa guddina dinagdee kan saffisiisufi dargagootaaf carraa hojii kan babal'isu; oomishaafi oomishtummaa dabaluun qaala'insa jireenyaa kan fooyessuuf fayyadamummaa jiraattota kan mirkaneessudha.

Kana mikeessuuf, haalota mijataa Magaalaa Jimmaa qabdu fayyadamuun qonna magaalaa karaa guutuufi hirmaachisaa ta'en akka raawwatamuuf inisheetiiviiwan qonna magalaarratti bobba'anii gahee isaanii akka bahatanuuf qonnaan bultoota gandoota baadiyyarreaa dhiheenya magalaatti naanna'aniifi hawaasa magalaaf hubannoona gahaa kennuun hojiitti galfamuu isaanii Ittigaafatamaan Waajjira



Qonnaa Magaalaa Jimmaa Obbo Abdulaziz Jamaal himaniiru.

Magaalichatti bara 2015/2016 qonna gannaatiin lafa hektaara kuma 1fi 95 midhaan gosa garaagaraatiin

haguuguuf karoorfamee lafti hektarri kumnif 95 gosa oomishaa boqqolloo, bisingaa, xaaifiifi kanneen birootiin haguuguun danda'ameera jedhan. Kana keessaas lafti hektarri dhibba 5 fi 70'ni kilastaaran kan faca'ee ta'u Obbo Abdulaziiz yaadachisaniiru

Lafa qonna ganaatiin misoome kanarraa oomisha kuntaala kuma 38f dhibba 325'n sassaabuuf karoorfamee raawwachuu danda'ameeras jedhan.

Magaalli Jimmaa laggeen bonaafi ganna yaalanifi misooma jal'isiif oolan kan akka Awweetuu, Gibee, Kittoo, Qaamoofi kanneen biroo gandoota magaalichaa qaxxaamuruun irratti qonnaan bulaan paampiifi jal'isiif fayyadamuun akka oomishuuf deeggarsa ogummaa taasisuuf hojjetamaa *Gara fuula 14tti*

**Paarkiiwwan  
magariisummaa qar.  
Mil.40 oliin ijaaramaa jiru  
W.K.Godinichaatiin**

Godina Qellel Wallaggaa Magaalota aanaalee lamaa keessatti paarkiin magarieummaa qarshii miliyoona 40 oliin ijaarsifamaa jiraachuun himame.

Itti gaafatamaan Waajjirri Misooma Magaalaafi Manneenii Godinicha Obbo Salamoon Addisu akka ibsanitti paarkiiwwan magariisummaa kunneen Aanaa Sadii Canqaa magaalaa CanqaafiAanaa Hawwaa Galaan magaalaa Machaaraatti lafa hektaara 7.9 irratti qarshii Miliyoona 40fi kuma 900 oliin ijaaramaa jiru.

Kaayyoon ijaarsa paarkichaas miidhaginaafi kunuunsa naanoon cinaatti hojii dhabdoota irratti gurmeessuun madda galii dhuunfaifi mootummaa ta'e akka tajaajiluuf yaadameetis jedhan Obbo Solomon. Paarkiiwwan kun lamaan yeroo qabame keessatti xumuramanii tajaajila akka eegalaniifis hojiin deggersaafi hordoffi cimaan godhamaa jiraachuus himaniiru.

Sadarkaan paarkileen kun irratti argamanis Bulchaa Godina Qellel Wallaggaa Obbo Gammachuu Gurmeessaa, itti gaafatamtoota sadarkaa Godinaa, Aanaafi kutaalee hawaasaan tibbana daawwatameera.



**Sirna hordoffiifi gamaaggamaa  
cimaa diriirsuun 'Karoora  
Xiqii' galmaan gahuuf  
hojjetamaa jira**

Masarat Amanaatiin

Sirna hordoffiifi gamaggamaa cimaa diriirsuun karoora xiqii galmaan gahuuf hojjetaa jiraachuu Komishiiniin Karooraifi Misooma Oromiyaa ibse.

Komishiinichi dhimma madaallii 'KIP' sirna hordoffiifi gamaggamaarratti ogeessota karoraa seektaroota *Gara fuula 14tti*



## Tokkummaa cimsannee

Tokko taanee tarree galle  
Garaa tokkoon waliigallee  
Hiyyummaarratti yoo duulle  
Gaafas kadhaarraa oolle  
Xiiqidhaan yoo hojenne  
Aadaa hojii gabbifannee  
Kan argannes qusannee  
Taa'uu dhiifnee yoo tattaaafanne  
Halkaniifi guyyaa yoo hojenne  
Irree tokkoon yoo sochoone  
Hiyyummaa gaafas injifanne  
Biyya waliin misoomsina  
Gumbii guunnee ormaaf gumaachina  
Gochaan mullifnaa badhaadhina  
Qa'eefi boroo tattaraarree  
Kunuunsinee dallaa ijaarree  
Bakkees qonnee callaa guurree  
Kadhaa hin deemnu fuula guurree  
Rooba eeguu yoo itti dhiifne  
Bajjiifi xaa'oo babbaqaqsinee  
Qamadii jallisiin yoo misoomsine  
Ormaafuu geenya ofirra darbinee  
Barumsaanis of cimsinee  
Kutannoodhaan yoo barsiifne  
Dhaloota qarree gahoomsinee  
Saayinsiidhaan yoo qaroomne  
Tekinooloojidhaan yoo guddanne  
Waan barbaannu ni hojjenna of  
dandeenyee

**Badruu Abbaa Biyyaa Godina Jimnaa-Waajjira Kominikeeshiini Aanaa Saxxammaarraa**

## Gorsa

- Akka malee hin yaadiin
- Obsi malee hin aariin
- Gorsa malee hin abaariin
- Kolfi malee hin booyiin
- Hubadhu malee hin jarjariin
- Qorattu malee hin jaallatiin
- Jaalladhu malee hin amaniin
- Sababa malee hin jibbiin
- Beektu malee hin barreessiin
- Argitu malee hin odeessiin
- Dubbadhu malee hin sodaatiin
- Dhugaa dubbadhu malee hin sobiin
- Hojjedhu malee hin taa'iin

**Bahiruu Gurmuutiin, Waajjira Kominikeeshiini Aanaa Najjoo Wallagga Lixaa**

**Wabii nyaataa mirkaneessuun humna al-ergii keenya guddisuuf xiiqiin hojjenna!**

## Qabinsi gaariin didaa naalcha

**D**ubartii tokkotuu ture jedhama. Isheenis guyyaa tokko abbaan warraa kiyyaa na rakkise jechuun waa beekaa bira dhaqxe. Abbaan warra kiyyaa amala hin qabu. Maal yoon godhe naaf wayya, fala naaf himi jettee beekicha gaafatte. Waa beekaanis abbaan warraakee akka amala horatu yoo barbaadde galii leencarrra rifeensa gaara ijasa buqqisii fidii kootu. Yoo kana goote akkaataa abbaan warraa kee ittiin sirratun siif himaa jedheen.

Dubartiin sunis tole jettee galtee Leenca adamsuu jalqabde. Turtii yeroo dherean booda leenca ofitti madaqsun sossobdee rifeensa gaara ijasa tokkicha irraa

## Faayidaa Talbaa

Talbaan soorata faayidaawwan heddu qabudha. Isaan keessaas kanneen ijoon:

- Madda pirootiini, faayibara, asiidota coomaa omeegaa-3, vitaaminiifi albuuda guddaa qaba.
- Biqiltoottaratti kan hundaa'e omega-3 "fatty acid" kan fayyaa onneef faayidaa qabu baay'ee of keessaas qaba.
- Eegumsa Kaansarii: sanyii talbaa lignans kan of keessaas qabu yoo ta'u, kunis amaloota farra kaansarii qabaachuu danda'a.
- Hamma koolestirooliifi dhiibbaa dhiigaa hir'isuuf gargaaruu danda'a. Kunis warra dhukkuba sukkaaraa to'ataniif faayidaa qaba.

fooyyessuuf gargaara.

- Qabeentaan faayibaraa sanyii talbaa keessatti argamu bullaa insa nyaataaf gargaaruufi sirna garaachaa eeguuf gargaaruu danda'a.

- Sanyii talbaa hamma sukkaaraa dhiigaa fooyyessuuf gargaaruu danda'a. Kunis warra dhukkuba sukkaaraa to'ataniif faayidaa qaba.

Sanyii talbaa qabeentaa faayibaraa baay'ee waan qabuuf bishaan baay'ee sirriitti dhuguu hin dagatinaa.

*Madda-Miidiyaa hawaasaa Dr. Beekanirraa  
Bahiruu Gurmuutiin, Waajjira Kominikeeshiini Aanaa Najjoorraa*

## Amaloota fayyaa . . .

madaalawaa ta'e qofa soorachuudhaan fayyaa sammuu ofii eggachuu ni danda'ama.

### Sa'aati dhereaa iskiriinirratti dabarsuu

Sa'atti dhereaa iskiriinii moobaayilaan ykn TV irratti dabarsuun hanga sammuufi guddina namaarratti dhiibbaa cimaa qaba. Keessumaa, ijoollen guyyaatti sa'atti 7 ol mobaayiliil ilaalu yoo ta'e, tishuu niwuroonii (cerebral cortex) mataasaanii gara fuula duraa baayyee qal'ata.

Gama biraatiin ammoo, sa'atti dhereaa moobaayiliirra turuun, rakkowwan akka mataa dhukkubbii, burjaaja'uufi sammuu dhiita'uufaaf nama saaxila. Kanaaf, sa'atin ijoollen moobaayiliis ta'e TV irratti dabarsan kan daangeffameefi to'atame ta'u qaba. Namni ga'eessis akkasuma guyyaatti sa'atti iskiriinii irratti dabarsu akka xiqqeessutu gorfama. Kana malees, yeroo hiribaa moobaayiliif ofirraa fageessuu, moobaayiliif kisii ykn boorsaa keesssa kaa'urra koroojoo keessa gochuu, sa'atti dhereaa bilbil gurratti qabatanii haasa'uu hir'isuufi sa'atti dhereaa dubbachuurra ergaa gabaabaa barreessuun akka filatamaa taa'es gorsu.

## Dubartii barnoota . . .

keessatti akka cimtu taasisuu keessatti gahee akka qabu dubbatti.

"Jabinn qor-qalbii baay'ee barbaachisaadha. Abbaan kiyya yeroo hunda galmi kaayyoo kootii maal akka ta'e akkan hubadhu gochuun na guddise. 'Abdii kutuun, kufuun filannoo miti; wanti milkeessuu barbaaddu tokko yoo jiraate kana keessa darbuu qabda' naan jedha ture. Kanaaf, akkaataan itti guddadhe wantan milkeessuu barbaade tokko akkan hin daganne kan na taasisu ture," jetti.

Samahaal Guhuush Inistitiyuutii Manajimantii Siwiidin irraa leenjiifi barnoota Sagantaa Gaggeessummaa Bulchiinsa Walitti Fufinsa Qabu argatteetti. Bara 2020 ammoo kaadhimamtuu Sagantaa Gaggeessitoota Dargaggoota Afrikaa turte.


Bara 2018 shamarree ol adeemtuu hojii uumtu jedhamuun UNDP irraa badhaasa argatteetti. Yeroo ammaa kana ammoo Bulchiisni Magaalaa Finfinnee Kabaanaa kampaanii 'Moodela' ta'edha jechuun ishee badhaaseera.

Samahaal muuxannoo biyyoota akka Siwiidin, Keeniyaafi biyyoota biroorraa argatteen, keessumaa hojmaata balfa maqsurratti caalaa akka foyyaa'u gochuun hojii uumuu cinaatti kunuunsa naannootiif gaheeshee gumaachaa jirti.

Dabalataanis adeemsi gogaa omishuu faalama naannoorraan gahuu danda'u ittisuudhaaf omishawwan warshaa keessatti kuufaman irra deebitee hojiirra oolchuudhaan kophee hafaafi meeshaawwan biyya alaatii galan kan bakka bu'an oomishuu hojiirra oolchuu jalqabde.

Kabaanaan dhaabbata dubartoota godaansarraa deebiyanifi leenjii kenuun, akkasumas hojiwwan biroo raawwachuu itti-gaafatamummaa hawaasummaa isaa bahachaa jirudha. Gara fuula duraatti ammoo hojiisaa naannoowwan Finfinneen ala jiranitti babal'isuudhaaf kan gargaaru karoora faawodeeshinii hundeessuu akka qabdu dubbatti Samahaal.

Yeroo baayyee hojiin alas sochii qaamaa, deemsa miilaa, akkasumas dubartoota hiriyootashee ta'an hoji-gaggeessummaarra jiran waliin marii gaggeessuu kan jaallattu Samahaal, "milkaal'inni gammachuu keessaafi alaati. Wantan jaalladhu hojjechaa waanan jiruuf gammachuuti natti dhaga'ama," jetti,



## Kallacha Oromiyaa

Bara 1986 hundeffame  
Torbanitti al tokko guyyaa Kamisaa,  
Biirro Kominikeeshiinii Oromiyaatiin maxxanfama

Qindeessaafi Gulaalaa Muummee  
Addunyaa Hayiluu  
Itti aanaa Gulaalaa Muummee  
Masarat Amanaa

Leyi'aawutiifi Dizaayinii  
Yewubnesh Kabbadaa

Opheessaa Beeksisa  
Guddataa Dhaabasaa

Lakk. Saan. Pos. 8741 E-mail kellechaoromiya@gmail.com Websaayitii : www.kallachaoromiya.org Face Book:kellecha Oromiya Finfinnee Oromiyaa

# Dubbii Ijoo

## Nageenyi hundaaf; hundis nageenyaaf wabii ta'uu qaba!

**B**iyyi keenya Itoophiyaan waggootaaf qormaata dam-damdanessa keessaafi alaa ishee mudatu waliin wal'aansoo qabaafi wareegama qaqqalii kaffalameen injifachaa ijaaramaa har'a geesse. Qormaati alaa wayiita mudatus birmadummaa biyyaa tiksuf jecha sabooni, sablammoonni ifuummattoonni Itoophiyaa tokkummaan ka'uun rakkoo waloo waloomaan qolachaa akka turan seenaatu dhugaa nuuf ba'a. Kun ammoo duudhaa gootummaa waloon horanneefi har'as nu waliin jirudha.

Haata'u malee, akkuma qormaata alaa injifanne, rakkoo keessoo keenya mareefi marabbaan furachuuf carraalee hedduu kan qabnu ta'ullee, mootummooni dhufaa darbaa sirna kanaaf mijaa'u diriirsuu dhabuu isaanitiin maraammartoo hiyyummaafi rakkolee nageenya walxaxaa keessummeessaa har'a geenyejjirra. Ammas murnoonni garaa garaa seenessa queenxee hordofuun gochi boodatti hafaan kaleessaa akka itti fufu taasisuu irratti argamu.

Jijjiiramaan as aadaa siyaasaa boodatti hafaa kaleessaa maksuun nageenya waareessuu, imala badhaadhinaa milkeessuufi sirna dimokiraasiit ijaaraa sabdaneessummaatti ulfina horuuf kutannoon hojjetamaa jira.

Mootummaan Naannoo Oromiyas mareefi marabbaan wal dhibdee jiru furuuf xiyyeffannoo guddaa kennee hojjechaa jira. Kanaafis ejjennoo guutuu kan qabu ta'uu irra deddeebiin beeksisaan kan tureefi harka nagaaf diriirsee balbalas nageenyaaf banee waamicha taasisaa tureera.

Kanaanis hidhattoonni Shanee 1,521 ta'an waamicha karaa nagaa mootummaan taasise simachuun leenjiin haaromsaa kennemeefi jirenya idilee isaaniitti deebi'uun gaggeeffachaa jiru. Yeroo ammaa kanas hidhattoonni 2000 ol waamicha karaa nagaa simachuun deebi'aniiru.

Oromoof kan malu injifannoo argate tikfachaa kan hafeef waloon hojjechuuf malee wal waraanuufi wal irratti duuluu miti. Haalli qabatamaan qabsoon Oromoo yeroo ammaa kana irratti argamus qabsuu hidhannoof kan isa geessu miti. Gaaffilee ijoo Oromoone qabsaa'aa tureefis kaan deebi'ee kaan irraa jalaan deebi argataa jira. Wal takaaluufi wal irratti duuluun ammoo injifannoo arganne akka sabaatti tikfachuu gaaffii dimokraasiif misoomaa deebisuuf qormaata ta'aa jira.

Mootummaan Naannoo Oromiyaa ammas ilaafi ilaameen nageenya waareessuun filannoo isa jalqabaa akka ta'e amana; sanaafis hojjechaa jira. Uummata wajjinis mareen bal'aan kan gaggeeffame yoo ta'u miree biyyalessaa milkeessuufis ejjennoo guutuu gumaacha naannicha irraa eegamu taasisuu irratti argama.

Nageenya mirkaneessuun fedhii hunda hammateefi hirmaachiseen waan ta'eefis aadaa siyaasa boodatti hafaa keessaa ba'uun biyya hundaan, hundarraafi hundaaf ijaaruu keessatti hunduu dirqama isaa ba'achuuf hojjechuuf qaba. Kanaafis meeshaa waraanaa hidhachuun shororkaa'anii uummata shorokeessuu keessaa ba'uun duudhaa keenya ganamaa mareefi marabbaan rakkoo hiikuun fala waaraa taasifamee fudhatamuu qaba. Kana milkeessuufis gaaddisa Oromoof Oromummaa jalatti deebi'uun qaamni hidhatee bosona jiru hunduu gara nagaatti akka deebi'u irra deebiin waamicha dhiyeessina.

Hayyooniif uummanni naannoo keenyaas Oromiyaa naga qabeettii, misoomni ishee mirkanaa'ee kaaniifis fakkeenna taatu ummuu keessatti shoora ba'achuuf eegaltan cimsitanii itti fufuun imala jalqabame akka waloon milkeessinu hubachiifna.

Akkuma abboonni keenya tokkummaan weerartoota qolachuun biyya birmadummaa ishee mirkaneeffatte nu dhaalchisan dhaloonni ammaas tokkummaa keessoo keenya cimsachuun tarsiimoo diigumsaa diinomni biyya keenya qopheessan fashaleessuun badhaadhina galmaan ga'uuf hojjechuuf qabna.'

## Aadaa sa'a dhaabbanna . . .

hidhanii akkuma namaatti kunuunsa barbaachisu godhuuf. Akkuma dubartootaaf daakuun daakamee shaameti qophaa'u sa'a dhaluuf gaheefis mataa midhaaniiraa walitti qabanii funaunuun soogidda keessa buusanii ni affelu yookan dhagaatti daaaku yookan immoo mooyyeetti tumu.

Haaluma kanaan erga qophii barbaachisu godhanii booda jabiin gaafa dhalattu funyaanshee jalqaba ni cuunfu yookaan immoo ni afuufu. Sa'a dhaltiimmoo mataasheetti bishaan naquun dafanii yoo margi coqorsi boroo jiraate fidanii marga yookaan coqorsa lakkoo kan jedhamu irra buusun deebi'iitii hori ittiin jedhu. Saani kun kabaja waan qabduuf mooraa keessatti eegamti.

Akka Godina Wallagga Lixaa Aanaa Laaloo Assaabiitti saani akkuma dhalteen aannanshee hin elmamu. Jabbilee dhalattetu hodhee bayyannata. Kana booda jabiif aannan quachaa mucha muraasa irraa elmaa aannan hanga ji'a tokkotti walitti qabuun kuufama. Hanga gaafa ji'a dhaabbataniifitti dhadhaashees ta'e aannanshee daa'immaniifuu hin kennamu. Wayita sa'a dhaabbanna kana akkuma namaa manni keessi ho'uu qaba; urga'a'u qaba. Kanaaf bunni ni akaa'ama, wanti isheen yeroo dhaltee kaatu itti fayyadamtii ni qophaa'a. Akka ammaa kana atalaa osoo hin taane hin mooqu; waan akka hunkuroo bishaaniifi soogidda wajjiin ni qophaa'aaf.

Guyyaan sa'a dhaabbanna yookaan itti cophsanna guyyoota torbanii keessaa guyyaa Sanbata guddaa, Facaasaa /Kibxataa/fi Kamisa raawwatama. Guyyaan kanaan ala cagginnottii ilaalam. Guyyaan kanaa meeshaan akka okoleefi meeshaan itittuu ni qophaa'a. Mukti qoraasumaa, kefi ykn dugunoofi kusaayeen ni qophaa'a. Erga kun hundi qophaa'ee booda aannan gaafa

sana elmameefi itittuu kuufamee jirurraa fuudhanii dhannaafi randa saawattiitii naquun jabbittiimmoo addashee gidduutti haxaawuun hori hori wal hori lubbuu dheeradhu wal jaalladhu xalacoo kee wajjiin jedhanii eebbisun hiddii dhimma kanaaf qophaa'een aannan kuufame sanarriaa itti cophsuun dugshee haxaa'u. Kunis akka hiddii wal haa horaajechuu yommuu ta'u, coqorsi immoo horiin sun haa lalistu haa mistu haa jiit jechuudha.

Haaluma kanaan gaafa sana jabiin ishaadha jala burraaqun ayyaanashree kabajatti. Ji'a saawwa dhaabbannaan gahe sana ganama sirna itti cophsannaatu geggeeffama. Abbaan warraafi haati warraa wal maddii dhaabbatani yaa rabbi wal bira oolchii naaf bulchi, hiddaafi boollarraa naaf qabi anas irra na jiraachisi nama nama gargaaru na taasisi jedhanii sirna kadhanna godhachuun hameessa isaaniif dhale itti cophsat. Guyyaan kana marqaan, cumboon, daabboon ni qophaa'a. Buna qalaa dhadhaan irra yaa'eefi urgooftuu fooliin diidaa nama waamu akkasuma farsoo naqanii qopheessuun ollaa dhihoofi halaalaa waamuun maatiifi ollaan dhangaa kana nyaachaa dhugaa waliin gammadu.

Ollaanis yaa'ee nyaatee dhuguun jaalalaafi marabbaa warra saawwa itti cophsate kanaaf qabu tiksee siif haa galchu, oolchee siif haa bulchu jechuun, harka guutanii quba shaniin marqaa kutatanii afaan guutanii nyaachuun guutuu itti haa fufu, guutuu haa dhalatu jechuun eebbisu. Aadaan saawwa dhaabbanna kun saba Oromoo gidduutti hariiroofi jaalala akkasumas waliin jirenya hawaasummaa waan cimsuuf dhaloota keenya har'aa biratti dagatamaa waan jiruuf fuula duratti jajjabeeffamuu qaba.

*Waajjira Kominikeeshiinii  
Aanaa Laaloo Assaabiirraa-  
Wallagga Lixaa*

# Beeksisa

## Arsii

### Caalbaasii Konkolaata

Waajjirrii Galiiwan Aanaa Amiinyaa Qabeenyaa Abbaa Idaa Maqaa Obboo Yaaragaal Yifiradawu (Dhaabbata Ijaarsa Kiro Landii) jedhamuun Galmaa'ee kan jiru Gibira Mindaa hojjettootaa irraa barbaadamuu bara Gibira 1/07/2015 hanga 30/06/2016 Gibira Ijoo qarshii 306,0707.14 Dhala Baankii Qarshii 275,165.59 ,Adabbii Qarshii 291,619.98 waliigala (Ida'ama) Qarshii 3,627,492.71 (Miliyoona Sadii, Kumaa Dhibbaa Jahaaf kumaa diigdamii torbaaf,dhibbaa Afuriif sagaltamii lamaafi saantima 71/100) kanfaluu waan dideef qabeenyaa isaa kan ta'ee konkolaataa Loodarii Gatiin ka'umsaa Qar. 1,345,936.48 (Miliyoona tokkoo, kumaa dhibbaa sadiif kumaa Afurtamii shaniif dhibbaa sagaliif soddomii shanii fi saantima 48/100) kan ta'ee akkaataa Labsii Bulchiinsaa Taaksii Lakk.203/2009 kew.43(9) fi Qajeelfamaa qabaa qabeenyaa abbaa idaa lakk.18/2012tiin karaa waajjira Galiiwan Godina Arsiiitii Caalbaasiin gurguree mootummaaf Galii gochuu barbaada. Kanaafuu,Ulaagaa armaan Gadii namni guutu hundii Dorgomee bitachuu ni danda'a.

1. Namni Umriin isaa Wagga 18 ta'e hundii Caalbaasii kana irrattii hirmaachuu kan danda'u yoo ta'uu,haala Caalbaasicha fi konkolaatichaa kan ibsu qajeelfama fi sanada(bilbila) qophaa'ee akkasumas kan ittiin Gatiit bittaa dhiyeessan kan hin deebinee Qarshii 800(dhibbaa saddet) Waajjira Galiiwan Godina Arsii Gamoo Lakk.205ttii hanga Guyyaa dorgommiin gaggeeffamuun Ganama sa'aa 4;00 tii bitachuun ni danda'ama .
2. Beeksifni kun guyyaa kallachaa Gaazexaa Oromiyaa irrattii Bahee Eegalee Guyyoota walitti Aanaa 30(soddomaaf )Bakka konkolaatan kun jiru Aanaa Amiinyaa Magaalaa Addeeltee Ganda 01 Eddoo Addaa Dallaa Waajjira Poolisii keessattii ilaaluun ni Danda'ama..
3. Dorgomtootni Caalbaasicha Gatiit konkolaatan ittiin gurguramuu fi ka'umsaa ¼(25%) kabachiisa caalbaasichaatiif qabsiise Sanada baanki Dal. Itoophiyatiin mirkanaa'ee ( C.P.O) dhiyeessuu qaba
4. Dorgommichii sanada(billitto)Tarreeffama haala konkolaataa ibsuu bituuf barbaaduu kallaattii gatiit dorgomaan dhiyeesssee bakkaa jedhuutii gatiit ittiin bitachuu barbaadu san lakkofsa fi qubeen guutee mallatteessuun poostaa saamsameen saanduqaa caalbaasii qophaa'ee Waajjira Galii Godinaa keessattii argamuu keessaa galchuun dorgomuu ni dandaa'a.
5. Caalbaasiin Gaazexaa kallachaatiin bahee kanturu guyyaa 9/07/2016 hanga guyyaa 8/08/2016 guyyoota 30(soddomaaf )yoo ta'uu ,dorgomtootaa fi bakkaa bu'ootnii isaanii bakkaa jiranittii guyyaa 5/08/2016 sa'aa 4;00 tii W/G Godina Arsiiitii Lakk.Biiroo 201ttii ifattii banamuun jalqabama.
6. Dorgomaan kamiyyuu Gatiin innii bitachuuf dhiyeessee hangii caalbaasicha koreen ilaalee ifattii ibsamuuttii dhaabbataa ta'a.
7. Dorgomaan moo'atee guyyaa firii caalbaasicha ifattii ibsamee irraa eegalee Guyyoota 15(kudha shan) gidduutii Maallaqaa kabaja caalbaasichaaf qabsiisee irrattii maallaqaa hafee dabalee kafaluun konkolaaticha fudhachuu qaba kan Moo'atamee immoo Maallaqni kabachiisa Caalbaasitiif qabsiisee ¼(25%) ni deebi'aaf
8. Jijjiirraa maqaa Abbaa Qabeenyummaan wal qabatee baasiwwan barbaachisu dorgomaan kan ofii isaatii raawwatee (fixatuu) ta'a.
9. Dorgomaan moo'atee Guyyaa 15(kudha shan) keessattii dhiyaatee fudhatee maqaa ofittii hin jijjiirree yoo ta'e Maallaqa kabachiisa caalbaasitiif ¼(25%) qabsiisee mootummaaf Galii ta'ee qabeenyicha irraa deebi'ee Caalbaasiin yookan haalaa birootiin waajjirrii Galiiwan Aanaa Amiinyaa Gurgurachuu mirgaa guutuu qaba .
10. Waajjirrii Galii gatiit haala fooyya'aa yoo argatee Caalbaasicha Gartokkeenis ta'ee guutumaan guututti haqaauuf mirgaa ni qaba. Odeeffannoo dabalataatiif 0222388937 ykn 0223311339 fayyadama.Suuraa konkola Telegirama Garee seeraa Godina Arsii fi kan hoggantootaa fi Garee irraa ilaaluun ni danda'ama Waajjirrii Galiiwan Aanaa Amiinyaa.

Aadde Tinsaayee Tasfaayee Biiftuu Magaalaan Asalla ganda 07 keessatti iddo mani jirenyaa mirkinnaa'ee qaban waraqaan ragaa abbaa qabeenyummaa Lakk. Kaartaa isaa OR006051203011 ta'een galmaa'ee naaf kennname waan najalaa badeef kan biraa akka naaf kennamu jechuudhaan nu gaafataniiru. Kanaafuu, namni ragaa kana arge ykn sababa aadda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahe irraa kaasee guyyaa 20 keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaa abbaa qabiyyee kan biraa kan kennamuuf ta'uuni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Asalla.

Obbo Usmaan Tololaa Lakk. Kaartaa isaa 0262521 ta'een maqaa isaaniiitiin galmaa'ee naaf kennname waan najalaa badeef kan biraa akka naaf kennamu jechuudhaan nu gaafataniiru. Kanaafuu, namni ragaa kana arge ykn sababa aadda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahe irraa kaasee guyyaa 20 keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaa abbaa qabiyyee kan biraa kan kennamuuf ta'uuni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Dheeraa.

Obbo Jeeyilaan Muhammed kaartaa Lakk.282/2439/90 maqaa isaaniiitiin galmaa'ee na jalaa bade waan jedheef ragaa bade kun bakka bu'ee akka kennamuuf Waajjiraa keenya gaafataaniiru. Kanaafuu namni mormu yoo jiraate (dhimmi kun naa ilaatalaa kan jedhu) beeksifni kun bahe hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baatee ragaa bade kan bakka bu'ee jedhuu kana kenniuuf ta'uuni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Dheeraa.

## Baale

Aaddee Innee Alamayyoo Lafa mana jirenyaa lakk galmee 11-86 fi Lakk.Kaartaa isaa 2697/2004 kan ta'e maqaa isaaniiitiin Magaalaa Roobee Ganda Odaa Roobee keessatti galmaa'ee argamu hafteen isaa mana galmeetti yeroof waan dhabbameef Galmeen yeroo akka banamuuf iyyataniiru. Kanaafuu namni ragaa kana arge wabii, Liqiin, Iddaadhhaan kan qabatee yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahe irraa kaasee guyyaa hojii 20 keessatti WLM/Roobeetti akka dhiyaatu beeksisaa, dhiyaachuu baannaan Galmeen yeroo baneef tajaajila barbaadamuu hunda kan kenniuuf ta'uuni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Roobee.

Iyyataan Obbo Xaasawu Dabbabaa mana jirenyaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa ganda 01keessatti bali'inni lafa isaa 200M<sup>2</sup> irratti argamu Aadde Assaggadech Birruuti waan gurguratanifi, kan mormu yoo jiraate,beeksifni kun bahe bultii 20keessatti haa dhiyaatu.yoo dhiyaachuu baate jijjiirraa maqaa kan raawwannuuf ta'uuni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa.

Iyyataan Obbo Qaasim Eeliyaas mana jirenyaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa ganda 01keessatti bali'inni lafa isaa 400M<sup>2</sup> irratti maqaa isaaniiitiin galmaa'ee argamu irraa hirisanii 200M<sup>2</sup> ta'e obbo Siraaj Hamzaatti waan gurguratanifi, kan mormu yoo jiraate,beeksifni kun bahe bultii 20keessatti haa dhiyaatu.yoo dhiyaachuu baate jijjiirraa maqaa kan raawwannuuf ta'uuni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa.

Iyyattuun Immiyyuu Gazzahaanyi mana jirenyaa Magaalaa Gooroo ganda 01keessatti bali'inni lafaa isaa 762M<sup>2</sup> irratti maqaa isaaniiitiin galmaa'ee argamu irraa hirisanii bali'ina lafaa 135M<sup>2</sup> Obbo Zawduu Kaasaatti waan gurguratanifi kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahe bultii 20keessatti haa dhiyaatu.yoo dhiyaachuu baate jijjiirraa maqaa kana kan raawwannuuf ta'uuni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Gooroo.

Obbo Adam Haashii Abdallaan mana jirenyaa magaalaa Alii ganda 01 keessaa qaban lakk. Seerii 0487490 kaartaan isaa 472/2014 ta'e Kaare meetira 240 m<sup>2</sup> qaban akkuma jirutti Aadde Kaasach Gizaayaa Yaadateeti gurguratanii jijjiirraan maqaa akka raawwatomuuf waan gaafataniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahe bultii 20 dura yoo hin dhiyaatin jijjiirraan kun kan raawwatomuuf ta'uuni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Alii

Aadde Meeroon Mazgabuu Makonniin mana jirenyaa magaalaa Alii ganda 01 keessaa qaban lakk. Seerii 0678391 lakk. kaartaan isaa 1179/2016 ta'e Kaare meetira 300 m<sup>2</sup> qaban akkuma jirutti Obbo Caalaa Geetaachoo Mangistuutti gurguratanii jijjiirraan maqaa akka raawwatomuuf waan gaafataniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahe bultii 20 dura yoo hin dhiyaatin jijjiirraan kun kan raawwatomuuf ta'uuni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Alii

Aadde Muluu Nugusee Warquu mana jirenyaa magaalaa Alii ganda 01 keessaa qaban lakk. Seerii 0545327 lakk. kaartaan isaa 573/2014 ta'e Kaare meetira 500 m<sup>2</sup> qaban irraa 250 m<sup>2</sup> Obbo Ayyalaa Kabbadaa Daadhiitti gurguratanii jijjiirraan maqaa akka raawwatomuuf waan gaafataniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahe bultii 20 dura yoo hin dhiyaatin jijjiirraan kun kan raawwatomuuf ta'uuni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Alii

Aadde Zawduu Mulushawaa G/Yohaannis mana jirenyaa magaalaa Alii ganda 01 keessaa qaban lakk. Seerii 0678373 lakk. kaartaan isaa 2026/2016 ta'e Kaare meetira 400 m<sup>2</sup> qaban akkuma jirutti Obbo Umar Idiris Obaatti gurguratanii jijjiirraan maqaa akka raawwatomuuf waan gaafataniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahe bultii 20 dura yoo hin dhiyaatin jijjiirraan kun kan raawwatomuuf ta'uuni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Alii

## Boorana

Obbo Mahaammadiin Musaa Yaaddeessaa qabeenyummaa isaanii kan ta'e mana jirenyaa Lakk.Kaartaa isaa 9728/BMN/01/01/02 ta'e lafa kaareemeteira 390 irratti maqaa isaniiitiin galmaa'ee Magaalaa Nageelaa Booranaa ganda 01 keessatti argamu Obbo Kadiir Hasan Fujaatti gurguranneera waan jedhaniif, kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahe hanga guyyaa 20tti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaanne gurgurtaan kun kan mirkanaa'uuf ta'uuni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Nageelaa Booranaa

## Buunnoo Beddeeliee

### Beeksisa barbaacha Konkolaataa Badee

Godina Buunnoo Beddeleetti Waajjirrii Bulchiinsaa Aanaa Cawwaqaqaa Konkolaataa Long-base Lakk.Gabatee isaa OR-4-03319 kan ta'e Qabeenymmaan isaa kan Waajjira Eegumaa Fayyaa Aanaa Cawwaqaqaa ta'e Lakk. Motoraa HZJ-78L-RJMR5, qabiyyeen Motoraa 4164, gosa boba'aa fayyadamu naafxaa kan ta'eefi Toyota ta'e konkolaachisa maqaa isaa Salamoon Kabbadaa jedhamu rakkoo nageenyaaraa bara 2015 muudate dawoo godhachuudhaan fudhatee waan badeef konkolaataan kun bifti isaa adii kan ta'eefi mudhiiraa istiikarii boorrii kan itti maxxfamee jirudha. Kanaafuu namni konkolaachisa maqaa isaa olitti ibsamee kanaafi konkolaataa kana arge qaama nageenyaaraa naannoo sanatti argamanifi eerumsa akka kenuufi akkasumas Lakk. bilbilaa 0910617862 ykn 0912312751 irratti bilbiluun eerumsa kenuufi kan dandeessan ta'uuni ibsaa, qaama eeruu sirriifi qabatamaa nuuf kennaniif oolmaa inni nuuf oolef kaffaltii onnachiisaa ta'e kan kaffaluu ta'uuni dursinee ni beeksifna. **Waajjira Bulchiinsa Aanaa Cawwaqaqaa**



# Aadaa

Oliifan Raggaasaa



## Aadaa araaraa Oromoo Gabraa

**Dh**alli namaa hariiroo waliin jirenyasaa keessatti itti yaadees haata'u osoo hin yaadiin tasa walitti bu'uu danda'a. Walitti bu'insi namoota dhuunfaas ta'e gareedhaan hawaasa keessatti uumamu hawaasichi akkaataa aadaafi safuusaatiin dubbii ilaalamuun furata. Ummanni Oromoos jiruufi jirenyasaa keessatti wal dhabdeen yoo uumame aadaa ilaafi ilaameen dubbii ilaaluun rakkoo mudate furachuun waliin jiraatu qaba. Oromo Gabraa jirenyasaa guyyaa guyyaa keessatti waldhabdee nama dhuunfaa hanga hawaasaatti uumamu karaa aadaatiin waldhabdee uumameef furmaata barbaadu.

Akka aadaa ummatichaatti walitti bu'insi nama lama giddutti yoo uumame namoota wal dhaban keessaa tokko abboo sin quufnee si himadhaa quba qabaadhu jedhee dubbii warra ollaa yookaan jaarsa biyyaatti himata. Jaarsoliin yookaan maanguddoornis dubbii kana erga dhaga'anii booda namoota wal dhabe lamaan kana gaaddisatti waama. Kana booda namoota wal dhaban keessaa isa dubbii jaarsaan gahateen dubbii himadhu jedhanii himachiisu. Erga inni himatee booda isa himatameen abboo akkas si himatee ni dhageetaa? jedhanii gaafatu.

Himatamaanis gaafffi jaarsoliin gaafataniif deebii deebisuun haala itti nama isa himatee

## Aadaa sa'a dhaabbannaa yookan itti Cophsannaa - Laaloo Assaabiitti

Jiruufi jirenyi ummata Oromo horsiisa loonii wajjiin walitti hidhaminsa guddaa akka qabu seenaa filannoo qubsumasaarrraa hubachuun ni danda'ama. Ummanni Oromo jaarraa 16ffaa keessa wayita socho'aa turetti loonsaa hooffatee deemuun bakka loonsaa ga'ee ciise jirenyasaaf bakka aara galfii bultiisaaf qajeelaa akka ta'etti filannoo qubsumasaa godhatee jiraachaa akka ture qorannoowwaniifi ragaaleen seenaa ni dhugoomsu.

wal dhaban ibsa. Jaarsoliinis isarraa haala jiru erga dhaggeeffatanii dubbii gamaa gamanaa ilaaluun ulfaatina dubbichaa madaalu. Kana booda yoo dubbiin salphaa taate nagaan eebbifna dubbii dhiisaa jedhanii warra wal dhabe lamaanuu fedhiisanii gaafatu. Yoo isaan tole jedhanii fudhatan eebbisani bira dabruun araara buusanii harka walfuusisan. Yoo dubbiin cimtuu kanneen akka qabeenya walfalmuu, miidhaa qaamaafi gudeeddi walumaagalatti yakka gurguddaafi aadamalee taate dubbii qoru yookaan ilaalu.

Maanguddoorn erga dubbii bitaa mirgaa ilaalanii qoranii abbaa dhugaa argatee dhugaan ni kennamaafi. Namicha badii raawwate karraa mataa itti muru. Murteen nama badii raawwate kanatti murtaa'uus garaagarummaa qabaachuu danda'a. fakkeenyaaaf namni adabbiin itti murtaa'u kun yoo keerroo ta'e ulee muratanii nama hanga sadiitiin dhaanuu ni jira. Kunis kan raawwatamu namni yakka hojjate kun lammeessoo akka itti hin deebineefi.

Yoo abbaa warraa ta'e lubooma jedhanii loon yookaan Gaala jalaa qalatu. Yoo inni Gaala hin qabne ta'e loon, yoo loon hin qabne ta'e immoo re'ees yoo ta'e waanuma inni qabu gosti jalaa qalatu.

Adabbi kana keessatti yoo yakki namni sun

Oromo loonsaaf jaalala qaba. Akka utubaa jiruufi jirenyasaattis lakkaawwata. Qotiyyoodhaan qotee gumbiifi gombisaa guuttata. Hameessis aannaniifi dhadhaan nama qabbanessa. Kanaaf ummanni Oromo akka malee loonsaa qanansiifata. Oolmaafi faayidaa isheen laattuuf jechas iddo baay'eetti wayita loonsaanii naannootti qalamtu danda'anii garaa jabaachuun foon loonsaanii kan hin nyaanellee ni jiru. Foon loonsaanii nyaachuun akka foon

hojjate guddaa ta'u baate lubooma horii tokko irraa qalatu. Garuu yoo yakki raawwatame hawaasa keessatti takka hin dhageenneefi hin agarree kanneen akka ilmi abbaa arrabsuu, rukuttaa, miidhaa qaamaa cimaa, dubartii deesse miidhuu raawwatame ta'e aada malee waan ta'eef horii hanga shaniillee irraa qaluun ni jiraata.

Akka aadaa Oromo Gabraatti dubbiin araara buusuun kun sadarkaa itti ilaalamitus ni qabdi. Yakka sasalphaa jaarsoliifi ollaan ilaalee fixuu danda'u. Garuu yoo balleessan raawwatame humnaa ol ta'ee jaarsoliin itti waliigaluu dadhabde sadarkaa Abbootii Gadaatti dabarsuu Abbootiin Gadaadubbii qoruun yookaan ilaaluun araara buusu. Kana keessatti maanguddoorni himataafi himatamaarraa fulaa fulatti dubbii dhaga'anii dhugaa barbaaduun dubbatanii achumatti abbaa dhugaa qabuuf dhugaa muranii waan araarsaniif akka mana murtii ammayyaa kana qisaasamni yeroo, bajataafi haaloo walitti qabchuun hin jiraatu. Haala kanaan Oromo Gabraa jiruufi jirenyasaa keessatti wal dhabdee uumameef araara buusuun namni walitti mufate yookan wal miidhe akka araaramee waliin jiraatu taasifamaa.

*Godina Booranaatti Waajjiira  
Kominikeeshiini Aanaa Goomoleetiin*

## Aadaa sa'a dhaabbannaa yookan itti

## Cophsannaa - Laaloo Assaabiitti

nama hirmii nyaachuutti kan fudhatantuun jiru. Yoo akka carraa rakkoon miidhamni loonsaaniirra gahellee gabaa baasanii gurguruun kan biroo bituun bakka buufatu.

Horiin ariitee gaafa namaaf dhaluuf kaatu maatiifi ollaatu gammada. Gammachuudhaan simatamtee kunuunsi addaatu taasifamaaf. Saani tokko dhaluuf kudha arfan tokko yeroo hafu dallaatti hin galtu, manatti *Gara fuula 3tti*

## Gujii

### Caalbaasii Ifaa bahe

Waajjirri Maallaqaa Godina Gujii Waajjira Fayyaa Godina Gujiitiif pirojekti ijaarsa Bishaan Buufata Fayyaa Aanaa Adoolaa Reeddee Dugda Goromsaa fi Hospitala Uraagaa Qotinsa Boolaa gadi fagoo (Drilling) caal-baasii ifaatiin wal-dorgomsisee hojisiusu barbada. Kanafuu caal-baasii irraatti dorgomtootni hirmachuu barbadaan, bu'urumaa armaan gaditti ibsameen dhiyaatanii dorgomuu ni dandessu.

1. Dorgomtootni kallattii hojii daldalaa isaanittin **heeyamaa daldala Bishaan GC 5 fi** isaa oli seera qabeessa ta'ee, facaatii dhiyyeesitoota / supply list/ kennaa tajajilaa biyyaa keessa ragaa sanadootaa ittin galma'an fi Ragaa lakkofsa TN fotoo koppii isaa sanadaa caal-baasii walin qabsisaan dhiyyeesuu qabu.
2. Caal-baasii bara bajaata 2016 irraatti hirmachu akka danda'an Abba Taayitaa Gaalliwwannii irraa gibira Bara Kan ittin kaffalan raga foto koppii dhiyyeffachu dirqama qabu.
3. Dorgomtooni dhiyaatan galma'aa taaksii dabalataa (VAT) galmaa'uusisaanitiif ragaa fotoo kooppii dhiyeefchuu kan danda'an ta'uun qaba.
4. Dorgomtootni sanada Caalbaasii guyyaa beeksifni Kun Gaazeexxa Kallalcha oromiyaatiin ba'ee eegalee guyyoota hojii 15/ kudha shan/ keessaattii yeroo hundaa sa'aati hojii Mootummaa maallaqaa hin deebine qr. 200.00 (dhibba lama) kaffaluun Garee Bittaa fi Bulchiinsa dhabamsiisa Qabeenyaa fi Tajaajila wali gala puulii waajjira maallaqaa Godina Gujiittii lakk. 9tti dhiyaachuu sanadicha bitachuus ta'e deebisu ni danda'u.
5. **Dorgomaan kaamiyyuu kabachiisa Caalbaasiif kan olu gatii tilmammaa bittaa waligalaa % 1.5** maqaa waajjira maallaqaa Godina Gujiitiin CPO Baankiidaan mirkanaa'e, Baankii Gaaraantii sanada Orijinala caalbaasicha waliin qabsiisee dhiyeessuu qaba.
6. Dorgomtootni sanada caalbaasi poostaa saamsameen, Orjinalaa fi kooppii addaan baasuun guyyaa 04/08/2016 hanga sa'aati 6:00tti WM Godina Gujiitti Sanduqa Caalbaasicha kanaaf qophaa'e keessa galchuu qabu.
7. Caalbaasichi gaafa guyyaa 04/08/2016 sa'aati 8:00tti dorgomtootni ykn bakka bu'oonni seeraa isaanii, akkasumas taajjabdoonni bakka argamanitti galma WM Godina Gujii keessatti banama.
8. Mo'ataan caal-baasii ijaarsa ji'a jaha keessatti xumuru qaba.
9. Afan caal-baasichii ittinii geggeeffamuu Afan hojii mootummaa Naannoo Oromiyaatti. Waajjirri Fayyaa Godina Gujii filannoo fooyyee yoo argatee caal-baasichaa guutummaan guututti ykn gar-tokkee isaa haquudhaaf mirgi isaa seeraan eegamedhaa. \_Odeeffannoo dabalataaf Lakk. Bil-0463351559 **Waajjira Maallaqa Godina Gujii Adoolaa Reeddee.**

Waalleluu Tatarii mana jirenyaa Lakk. isaa --- ta'e rammaddii tajaajila iddo (zoning) mana Jirenyaa irratti Bulchiinsa Magaalaan Adoolaa Woyyuu ganda Odoo doolaa keessatti qabeenyaa hin sochoone lafa bali'inni isaa kaareemeetira 200M<sup>2</sup> irratti argamu Lakk. Kaartaa isaa 502/10 ta'e Obbo Malaakku Burqaatti waan gurguraniif waliigalteen akka ragga'uuf iyyannoo isaanii dhiyefataniiru. Kanaafuu, jijiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneesiuuf ta'uun ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaan Adoolaa Woyyuu.

Aaddee Manashaworqii Asaffaa mana jirenyaa Magaalaan Shaakkisoo ganda Uddeeyyi keessatti maqaa isaanitiin galmaa'ee argamu bali'inni lafa isaa 168M<sup>2</sup> irratti argamu dabarsanii Aadde Yeshihareg Yizangawutti gurgureera jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessiuuf ta'uun ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaan Shaakkisoo

Obbo Baqqaluu Tashoomee mana jirenyaa Magaalaan Shaakkisoo ganda Baantii Arbaa keessatti maqaa isaanitiin galmaa'ee argamu bali'inni lafa isaa 400M<sup>2</sup> irratti argamu dabarsanii Obbo Yaachiis Qilxaatti gurgureera jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessiuuf ta'uun ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaan Shaakkisoo

Aadde Misraa Dayyeessoo mana jirenyaa Magaalaan Shaakkisoo ganda Bantii Arbaa keessatti maqaa isaanitiin galmaa'ee argamu bali'inni lafa karee meetira 200M<sup>2</sup> dabarsanii Obbo Milkiyaas Nuguseetti gurgureera jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessiuuf ta'uun ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaan Shaakkisoo

Aadde Worqinesh Alamaayyoo mana jirenyaa Magaalaan Shaakkisoo ganda Bantii Arbaa keessatti maqaa isaanitiin galmaa'ee argamu bali'inni lafa karee meetira 235M<sup>2</sup> dabarsanii Aadde Ruufoo Alamaayyotti gurgureera jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessiuuf ta'uun ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaan Shaakkisoo

Obbo Taammiraat Nigaatuu mana Daldala Magaalaan Shaakkisoo ganda Dhugoo Awaxaa keessatti maqaa isaanitiin galmaa'ee argamu bali'inni lafa karee meetira 408.88M<sup>2</sup> dabarsanii Obbo Waaccuu Goodanaatti gurgureera jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessiuuf ta'uun ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaan Shaakkisoo

Obbo Mokonni Dajanee Haararuu mana Jirenyaa Lakk. isaa Aw/QE/189 ta'e rammaddii tajaajila iddo (zoning) mana Jirenyaa irratti Bulchiinsa Magaalaan Adoolaa Woyyuu ganda Qilxaa Eebbaa keessatti qabeenyaa hin sochoone lafa bali'inni isaa kaareemeetira 167.05M<sup>2</sup> irratti argamu Lakk. Kaartaa isaa 4478/13 ta'e Obbo Birhaanuu Alamaayyoo fi Zawudituu Dinqaatti waan gurguraniif waliigalteen akka ragga'uuf iyyannoo isaanii dhiyefataniiru. Kanaafuu, jijiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneesiuuf ta'uun ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaan Adoolaa Woyyuu.

Obbo Basaanee Wakee mana Jirenyaa Lakk. isaa ---- ta'e rammaddii tajaajila iddo (zoning) mana Jirenyaa irratti Bulchiinsa Magaalaan Adoolaa Woyyuu ganda Qilxaa Eebbaa keessatti qabeenyaa hin sochoone lafa bali'inni isaa kaareemeetira 200M<sup>2</sup> irratti argamu Lakk. Kaartaa isaa 5575/14 ta'e Obbo Dassaalawu Caanneetti waan gurguraniif waliigalteen akka ragga'uuf iyyannoo isaanii dhiyefataniiru. Kanaafuu, jijiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneesiuuf ta'uun ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaan Adoolaa Woyyuu.

Obbo Shariif Xayyib Mohammad mana Jirenyaa Lakk. isaa 19-009 ta'e rammaddii tajaajila iddo (zoning) mana Jirenyaa irratti Bulchiinsa Magaalaan Adoolaa Woyyuu ganda B/Biluu keessatti qabeenyaa hin sochoone lafa bali'inni isaa kaareemeetira 176M<sup>2</sup> irratti argamu Lakk. Kaartaa isaa 5022/14 ta'e Obbo Gadaa Girmaa Bariisotti waan gurguraniif waliigalteen akka ragga'uuf iyyannoo isaanii dhiyefataniiru. Kanaafuu, jijiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneesiuuf ta'uun ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaan Adoolaa Woyyuu.

Leellisaal Alamuu mana Jirenyaa Lakk. isaa OR-o43020406 ta'e rammaddii tajaajila iddo (zoning) mana Jirenyaa irratti Bulchiinsa Magaalaan Adoolaa Woyyuu ganda L/Gafarsaa keessatti qabeenyaa hin sochoone lafa bali'inni isaa kaareemeetira 200M<sup>2</sup> irratti argamu Lakk. Kaartaa isaa 6599/15 ta'e Musaa Yasuufi waan gurguraniif waliigalteen akka ragga'uuf iyyannoo isaanii dhiyefataniiru. Kanaafuu, jijiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneesiuuf ta'uun ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaan Adoolaa Woyyuu.

## Harargee

Obbo Isheetee Taaddasaa kaartaa mana jirenyaa Lakk. isaa 1/1933/91 kan Magaalaan Ciroo araddaa burqaa ciroo keessatti maqaa isaanitiin galmaa'ee kennamee waan na jalaa badeef kan biraan bakka bu'ee akka naaf kennamu jedhaniii iyaytaniiru. Kanaafuu, qamni ragaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa hojii 20keessatti haa dhiyaatu, yoo dhiyaachuu baate abbaa qabeenyaa kanaaf ragaan kan biraan hojjetamee bakka buufnee kan kennamuuf ta'uun ni beeksifna. Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaan Ciroo.

Obbo Tafarraa Maasrashaa Taklee Mana jirenyaa Magaalaan Galmsoo araddaa 02keessatti Lakk. Kaartaa 1172/2001tiin galmaa'ee beekamuu waan na jalaa badeef kan biraan bakka bu'ee naaf haa kennamu jedhanaiii iyaytaniiru. Kanaafuu, namni ragaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irraa kaasee guyyaa 20 keessatti yoo dhiyaachuu baate abbaa qabiyyee kan biraan bakka buufnee kan kennamuuf ta'uun beeksifna. Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaan Galamsuu.

### Haajaraa Umariif

#### Bakka Jirtanitti

Falmii siivilii himataa Abdusamad Usmaaniifi himatamtoota isin N-10 gidduu jiru ilaachisee deebii kennaa 5<sup>ffaa</sup> Jundii Yaasin Ahamad, deebii kennaa 6<sup>ffaa</sup> Xahaa Bakar Alii, deebii kennaa 8<sup>ffaa</sup> Awwal Ibroo Bakar mana murtiitti waamamuu keessan beektanii baallamaa gaafa 16/7/2016 sa'aati 8:00 irratti akka dhiyaattan manni murtii ajajeera. M/M/OI/G/Harargee Bahaa

## Iluu Abbaa Boor

Obbo Masfin Mokonnan mana jirenyaa Magaalaan Mattuu ganda Taboo keessaa qaban maqaa isaanitiin galmaa'ee beekamuu Lakk. Kaartaa isaa 4449/03/2016 ta'e Lafaa bali'inni isaa 200M<sup>2</sup> irratti ijaaramee jiruu fi Sadarkaa iddo 2<sup>ffaa</sup> argamu karraa bakka bu'aa isaanii Obbo Garramuu Baqqalaa dabarsanii Aadde Haannaa Abboobaariyaatti gurguradheen jira waan jedhaniif akkaataa Labsii Liizii lafa. Magaalaan Lakk. 721/2004tiin jijiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaan Mattuu.

Aadde Almaaz Qanno mana jirenyaa Magaalaan Hurrumuu ganda 01 Zoonii A/Boorii keessatti Lafaa kaareemetira 200M<sup>2</sup> irratti argamu Obbo Daani'el Jamaaltti gurgureera jedhaniiru. Kanaafuu, kan mormu ykn mirga qabeenyaa kanarrraa kan qabu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irraa eegalee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Bulchiinsaafii Itti Fayyadama Lafaa Magaalaan Hurrumuu.

Wubee Abbebee mana jirenyaa Magaalaan Hurrumuu ganda 01 Zoonii Tokkummaa keessatti Lafaa kaareemetira 400M<sup>2</sup> irratti argamu Habtaamuu Muluneetti gurgureera jedhaniiru. Kanaafuu, kan mormu ykn mirga qabeenyaa kanarrraa kan qabu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irraa eegalee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaan Hurrumuu.

Obbo Geetaachoo Taammiruu mana jirenyaa Magaalaan Yaayyoo ganda 01 keessaa jiru maqaa isaanitiin galmaa'ee lafa bali'inaa isaa karee meetira ---- irratti argamu lakk. Kaartaa isaa Dhu/558/2016 Obbo Ganaanaaw Ayyalewtti gurguradheen jira waan jedhaniif jijiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaan Yaayyoo. Obbo Alammaa Kifilee Godiina Buunnoo Beddellee Magaalaan Makkoo Mana jirenyaa Lakk. Kaartaa isaa 685 lafa kaareemeetira 250 irratti kan argamu Obbo Darajee Taammiruutti gurguruu waan barbaadamiif kam mormu yoo jiraate guyyaa 20 keessatii haa dhiyaatu. kan hin dhiyaane yoo ta'e bittaaf gurguraa kun kan raawwatuuf ta'uun ni beeksifna. Waajjira Lafaa Aanaa Makkoo.

Aadde Muntahaa Mekuriyaa mana jirenyaa Magaalaan Yaayyoo ganda 01keessaa qaban Lakk. Kaartaa isaa Dhu/672/2016 kan ta'e Obbo Yirgaalem Siyumiitti waan gurguraniif, Kan mormu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee kaasee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa A/Yaayyoo.

**Jimmaa**

Baankiin Siinkee W.A Qabeenya armaan gadii bu'ura Aangoo Labsii 1147/2011 tiin kennameefin gurguruu barbaada

T.L	Maqaa Liqeffataa	Maqaa Nama /waldaa qabeenya qabsiisee	Damee Liqeesse	Teessoo Qabeeyaa Caalbaasiif dhiyatee, Lakk.Gabatee fi Bara omisha				Ka'uumsa Caalbaasiif Qarshiidhaan	Yeroo Caalbaasiin itti gaggeeffamu		Marsaa Caalbaasi ba'e
				Qabeenya Caalbaasiif dhiyatee	Magaala/Kutaa Magaalaa/Aanaa/Gandaa	Lakk.Gabatee fi modela	Humna isa fi bara Omisha		Guyyaa	Yeroo (Sa'atii)	
1	W/Mohamad Roozaa fi Kuleefi	W/Mohamad Roozaa fi Kuleefi	Saxxammaa	Tiraaktara	Magaala Gaattira ganda 01 (Waajjira bulchiinsaa Aanaa keessa)	SA-3235 ORO Modela 5075E	Bara omisha 2021 A.L.A/Hindii Humni isa HF (75)	1,374,975	04/08/2016	Waaree dura Sa'a 4:00-6:00	1ffaa
2	W/Xahir Shamsu fi Mahaammad	W/Xahir Shamsu fi Mahaammad	Saxxammaa	Tiraaktara	Magaala Gaattira ganda 01 (Waajjira bulchiinsaa Aanaa keessa)	SA-3638 ORO Modela 6095B	Bara omishaa 2021 A.L.A Humni isa HF 95	1,403,325	05/08/2016	Waaree dura sa'a 4:00-6:00	1ffaa

Dambiiwan Caalbaasi:

- Dorgomaan ykn bakka bu'aan seeraa dorgomaa gatii ka'uumsaa Caalbaasicha 1/4ffaa Ajaja Baankii /C.P.O/ dhaan mirkanaa'e qofa qabsiisun galmaa'un dorgomuu ni danda'a. Dorgomaan Caalbaasicha mo'ate guyyaa 15 (kudha shan) keessatti gatii qabeenyicha ittiin mo'ate kaffalee kan hin xumurre yoo ta'e, Qarshii qabsiise Baankichaaf galii ta'ee, Caalbaasichi kan haqamu ta'a. Dabalataan garaagarummaa gatii qabeenyichi Caalbaasichaaf irra deebiin ba'uun uumamuuf itti gaafatamaa ta'a. Dorgomtoota Caalbaasicha mo'atamaniif Ajaja Baankii /C.P.O'n qabsiisan guyyaadhuma sana deebi'aaf.
- Caalbaasiir irratti argamuun kan danda'u dorgomaa, liqeffataa/qabsiisa qabeenya ykn bakka bu'aa seeraa isaanii qofa ta'a.
- Caalbaasichi kan adeemsifamu teessoo/bakka qabeenyonni kanneen argamanitti ta'a.
- Kaffaltii jijirraa maqaa,kaffaltii taaksii Gumurukaa fi kanneen biroo bitataan/

moo'ataan bu'uura seeraatiin akka kaffaluuf murtaa'ee/dirqamu battala Caalbaasi mo'atee qabee kan kaffalu ta'a.

- 5) Waldalan Daldala Walidicha bakka bu'ee Caalbaasicha irratti dorgomuu barbaade sanada aangoo qaamaa seerummaa qabaachuu isaa agarsiisu (Barreefama Hundeeffamaa fi ykn Dambii ittiin Bulmaataa) fi aangoo bakka bu'insa seeraa qabatee dhiyachuu qaba.

6) Baankichi karaa mijawaa biroo yoo argatee, Caalbaasicha guutummaatti ykn gar-tokkeen osoo hin gaggeessin haquuf mirgi isaa kan eegaamedha.

- 7) Namni qabeenya Caalbaasiif dhiyatee kana illaalu barbaadu, Damee liqeessaa beellama qabsiifachuun ilaalu ni danda'a.Bakki caalbaasi magaalaa Gaattira ganda 01 waajjira Bulchinsa Aanaa saxxammaa keessa.

Odeeffanno dabalataaf: - Lakkofsa bilbilaa Baankii Siinkee Kutaa Tajaajila Seeraa (011-557-6016), Damee Saxxammaa (0476550101), ta'e irratti bilbiluu gaafachuu ni danda'a. Baankii Siinkee W.A

**Baankiin Siinkee W.A Qabeenya armaan gadii bu'ura Aangoo Labsii 97/1990 (akka fooyya'etti) kennameefin gurguruu barbaada**

T.L	Maqaa Liqeffataa	Maqaa Nama qabeenya qabsiisee	Damee Liqeesse	Teessoo Qabeeyaa Caalbaasiif dhiyatee, Lakk.Kaartaa, fi Bal'in LaFichaa				Ka'uumsa Caalbaasiif Qarshiidhaan	Yeroo Caalbaasiin itti gaggeeffamu		Marsaa Caalbaasi/Caalbaasiin kan ba'e
				Qabeenya Caalbaasiif dhiyatee	Magaala/Kutaa Magaalaa/Aanaa/Gandaa/Lakk.Manaa	Lakk.Kaartaa	Bal'in LaFichaa		Guyyaa	Yeroo (Sa'atii)	
1	Soorsee Baabsaa Tufaa	Soorsee Baabsaa Tufaa	Finfinnee	Manaa jireenyaa	Magaala Adaaamaa ganda Bokkuu Shanah	898/2003/B	Bal'inni laficha 180m <sup>2</sup> Sad.Laficha 2 <sup>ffaa</sup>	4,397,782.04	14/8/2016	Waaree dura sa'a 4:00-6:00	2 <sup>ffaa</sup>
2	Soorsee Baabsaa Tufaa	Soorsee Baabsaa Tufaa	Finfinnee	Manaa Jireenyaa	Magaala Adamaa ganda Bokkuu Shanah	898/2003/A	Bal'inni laficha 180m <sup>2</sup> Sad.Laficha 2 <sup>ffaa</sup>	4,453,783.16	14/8/2016	Waaree booda sa'a 8:00-10:00	2 <sup>ffaa</sup>
3.	Indaastirii Buna qindeessuu moonig itti faafatamummaan issa murtaa'e	Indaastirii Buna qindeessuu moonig itti faafatamummaan issa murtaa'e	Gullallee	Indaastirii	Galaan	BMG/K/L/I/NTOL/2009	10,000m <sup>2</sup> sad.lafacha 2 <sup>ffaa</sup>	68,493,196.72	16/8/2016	Waaree dura sa'a 4:00-6:00	2 <sup>ffaa</sup>
4.	Indaastirii Buna qindeessuu moonig itti faafatamummaan issa murtaa'e	Indaastirii Buna qindeessuu moonig itti faafatamummaan issa murtaa'e	Gullallee	Indaastirii	Tulu Gurracha	B / M / G / K/L/157/2007	10,000m <sup>2</sup> Sad.laficha 2 <sup>ffaa</sup>	54,300,800.60	16/8/2016	Waaree dura sa'a 8:00-10:00	2 <sup>ffaa</sup>

Dambiiwan Caalbaasi:

- 1) Dorgomaan ykn bukka bu'aan seeraa dorgomaa gatii ka'uumsaa Caalbaasicha 1/4ffaa Ajaja Baankii /C.P.O/ dhaan mirkanaa'e qofa qabsiisun galmaa'un dorgomuu ni danda'a. Dorgomaan Caalbaasicha mo'ate guyyaa 15 (kudha shan) keessatti gatii qabeenyicha ittiin mo'ate kaffalee kan hin xumurre yoo ta'e, Qarshii qabsiise Baankichaaf galii ta'ee, Caalbaasichi kan haqamu ta'a. Dabalataan garaagarummaa gatii qabeenyichi Caalbaasichaaf irra deebiin ba'uun uumamuuf itti gaafatamaa ta'a. Dorgomtoota Caalbaasicha mo'atamaniif Ajaja Baankii /C.P.O'n qabsiisan guyyaadhuma sana deebi'aaf.
- 2) Caalbaasiir irratti argamuun kan danda'u dorgomaa, liqeffataa fi qabsiisa qabeenya ykn bakka bu'aa seeraa isaanii qofa ta'a.
- 3) Caalbaasichi kan adeemsifamu teessoo/bakka qabeenyonni kanneen argamanitti ta'a.
- 4) Kaffaltii Liizii fi kanneen biroo bitataan bu'uura seeraatiin akka kaffaluuf murtaa'ee/dirqamu kanneen Taaksii waliin

walqabatan bitataan/mo'ataan battala Caalbaasi mo'atee qabee kan kaffalu ta'a.

- 5) Waldalan Daldala Walidicha bakka bu'ee Caalbaasicha irratti dorgomuu barbaade sanada aangoo qaamaa seerummaa qabaachuu isaa agarsiisu (Barreefama Hundeeffamaa fi ykn Dambii ittiin Bulmaataa) fi aangoo bakka bu'insa seeraa qabatee dhiyachuu qaba.
- 6) Baankichi karaa mijawaa biroo yoo argatee, Caalbaasicha guutummaatti ykn gar-tokkeen osoo hin gaggeessin haquuf mirgi isaa kan eegaamedha.
- 7) Namni qabeenota Caalbaasiif dhiyatan kanneen illaalu barbaadu, Dameewwan kanneen beellama qabsiifachuun ilaalu ni danda'a.
- 8) Bakki caalbaasiin itti geggeeffamu bakka qabeenyichi itti argamuttidha.
- 9) Odeeffanno dabalataaf:- Lakkofsa bilbilaa Baankii Siinkee Kutaa Tajaajila Seeraa (011-5576016), Damee Finfinnee (0115580647) fi Damee Gullallee(+251910182589), ta'e irratti bilbiluu gaafachuu ni danda'a.   Baankii Siinkee W.A

**Caalbaasi**

R/himataa Baankii Daldala Itiyoophiyaa Kutaa Magaalaa Qirqoosiifi R/himatamaan Abdulhakiim Bulloo gidduu falmii raawwachiisa murtii jiru ilaachisee Manni Murtii Olaanaa Magaalaa Shaggar qabeenya R/himatamaan kan ta'e manni jireenyaa Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Waacaalee Magaalaa Muka Xurrii keessatti argamu qorqoorroo baallee 40 ofirraa qabu tilmaama ka'umsa caalbaasi qarshii 600,000tiin gaafa 29/08/2016 sa'atii 3:00 - 6:00tti koreen caalbaasi raawwachiisuuf dhaddachi hundeesse iddoodhuma manichi argamuti caalbaasi ifaa ta'een gatii argameen akka gurguru waan ajajameef kan bitachuu barbaaddan CPO ka'umsa caalbaasi 1/4ffaa qabsiisuudhaan bakka qabeenyichi argamuti argamtanii dorgomtanii bitachuu kan dandeessan ta'u manni murtii ajajeera. M/M/OI/ Magaalaa Shaggar.

Obbo Israa'eel Abarahaam Ammaha waraqaa ragaa lafa mana jireenyaa Lakk. Kaartaa isaa Bo/Dh.Ar/338/12 kan ta'e Magaalaa Adaamaa Kutaa Magaalaa Boolee Aanaa Dhaddacha Araaraa keessatti maqaa isaaniitiin galamaa'e kennameef orjinaalli harka isaaniirra jiru waan jalaa badeef kan biraa bakka bu'ee naaf haa kennamu jedhanii iyaytaniiru. Kanaafuu, qaamni kaartaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, nagahee kan biroo baafachuu kan danda'an ta'u ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritii Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Furii.

Obbo Abdii Abaraa Dabaloo Nagahee Lakk. isaa 699147 kan ta'eefi Lakk. Galmee A-290 Kan ta'e maqaa isaaniitiin galmaa'e kennameef na jalaa badeera jedhanii iyaytaniiru. Kanaafuu nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, nagahee kan biroo baafachuu kan danda'an ta'u ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritii Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Furii.

**Dargaggooni ilaalcha misoomawaafi dimookiraatawaa qaban haaromsa keenyaaf murteessoodha!**



# Muuxanoo

Masarat Amanaa

## Dubartii barnoota Arkiteekchariin eebbfamuun hojii itti qacaramte hojjetaa turte dhiisuun carraa hojii ofiifi namoota biroofu uumte!

**S**amahaal Gu'uush hojii yeroo boqonnaashee ture guddisuu carraa hojii ofiifi namoota biroofis uumte. Amma hojjettoota 100 ol kan qabu yoo ta'u, bu'aawwan gogaafi kallee barbaachisoo oomishuu gabaa biyya alaatiif erguun alatti, dubartoota ogeeyyii ta'an xiqaan hintaaneef carraa kan uumeedha. Maqaan dhaabbatashiis Kaabaanaan dizaayin jedhama.

Finfinneetti kan guddatte Samahaal osoo wagga torba dura dhaabbata Kaabaanaa jedhu bantee hojii leezerii hin jalqabiin dura, wayita Yunivarsiitii galtee Arkitekcharii barataa turtetti gogaa irraa faayaawan harkaa hojjechaa turte.

Erga Yunivarsiitirraa eebbfamteen booda dhaabbata Arkitekchariitti qacaramtee osoo jirtuu, cinaatti hiriyoottashee biroo waliin ta'un biizinasiwwan sadii jalqabdee akka barbaaddetti hin milkaa'iin hafeera. Haata'u malee, carraaqiqi taasiftu addaan hin kutne.

Samahaal yeroo boqonnaa qabdu hojii borsaa gogaarraa hojjetamaniiif oolchuudhaan dhaabbata Kaabaanaa leezer yeroo jalqabdeti, jirenya dubartii jalqabaa qacarte fooyya'ee arguun hojishee yeroo guutuu irratti bobbaatu taasifachuuf merteessite. "Yeroon jalqabu yeroo boqonnaa kiyya irratti dabarsuudhaaf ture, haata'u malee hojjetoota dhaabbataa qacaree miindaa kaffaluu yeroon jalqabu, isaan keessaa tokko ofisheef qofa osoo hin taane obboleettiishee quxxisuu baasii barumsaa kaffaluu jalqabde.

"Isheen 'hojjettuu dhaabbattuu ta'ee miindaan jalqabaa naaf kaffalame kanadha' naan jetti ture," jechuun akka itti jalqabde yaadatti.

Dubartii Samahaal jalqaba qacarte hojii kana ilaachisuun ogummaafi beekumsi qabdu murtaa'a ta'us, gogaa muruufi hodhuu barsiisuun jireenyishee yoo jijiiramu, miirri ofitti amanuushees yeroo guddatu erga argiteen booda "kanaan booda hojiin kun kan koo qofa mitin jedhe; namoota shan yeroon qacarutti ammoo hojii koo idilee gadhiisufan xalayaa galche," jetti.

Wanti biraa hojishee kanaaf sababa ta'eef dubartoota rakkoo garagaraa keessa jiran, keessumaa warra ijoolee qofasaanii guddisaniifi dubartoota godaansarrraa deebiyan walabummaa dinagdee kan isaaniiif argamsiisuu amantaa jirenya ittiin mo'atan ta'uu isaa BBCf ibsiteetti.

Bifa kanaan invastii gochuun bu'aa argachuuf qofa osoo hin taane, jirenya namaa jijiiruu akka itti gaafatamummaa hawaasummaa bahachuufi murannooshee ta'eetti fudhatte.

Akka marsariitiin kaampaanii kanaa agarsiisutti, hundeffamee waggoota afur keessatti jijiirama guddaa galmeessuun, maamiltootaaf faashina omishawan gogaa Itoophiyaa qulqullina olaanaa irraa argatan uumuun alatti gabaa addunyaatti makamuu danda'eera.



Haannaa, Salaam, Barakat, Miiki'eelaa... kanneen jedhaman borsaawwan waaleeti, borsaawwan harkaa guddaa xiqaan, akkasumas omishawan biroo Kaabaanaan dizaayin omishee dhiyeessuuf maqaa kennamanidha.

Samahaal borsaawwan maqaa hojjetoota kampaanicha keessa hojjetamanii akka moggaafaman gochuun hojjetoota oomishicha duuba jiraniif kabaja kennuuf yaadamee kan taasifame akka ta'e ibsiti.

"Isaan kun jirenyasaanii keessatti goototadha; kanaaf ani wantan gochuun danda'u yoo xiqaate maqaan isaanii maqaa omishawan keenyaan akka waamaman taasisuudha," jechuun dinqisiifanna hojjetootasheef qabdu ibsiti.

Kana keessatti carraan hojii uumamu dubartoota rakkoo gara garaatiif saaxilamaniif dursa kan kennudha kan jettu Samahaal, hojjetoonni jalqaba qacarte warra ijoolee qofasaanii guddisa jiraniifi rakkoo hamaa keessa turan waan ta'aniif qormaata guddaa ture jetti.

"Hariroon keenya waliigaltee hojiiratti qofa kan dhaabbatu hin turre. Waliin kira manaa barbaaduu, wantota bu'uura jirenyaaf isaan barbaachisu waliin guutuu barbaachisa ture. Qormaanni biroon ammoo ijooleen isaanii eessa turu? kan jedhudha," jetti Samahaal.

Kana ammoo warshicha keessatti bakka tursiisan yeroodhaaf qopheessuun leenjii akka argataniifi hojiisaanii akka jalqaban taasisuushee dubbatti.

"Borsaawwan kumaatamaan lakkaa'aman gara biyya alaatti ergina. Carraa hojii uumneerra. Haata'u malee, milkaa'ina koo keessa baayyee kanan itti boonu wantoota akka kanaa jirenya jijiiran kana arguudha. Haala amma ijooleen isaanii keessa jiran arguun gammachuu keessoo namaaf kenna," jetti.

Yeroo ammaa kana hojjetoonni Kaabaanaa Dizaayin harka dhibba keessa 80 ta'an dubartootadha. Industrii omishaa keessatti dubartoota hoggansaa gahoomsuun anaaf baayyee barbaachisa ture jechuun dubbatti Saahaal. "Haadholiin naannoo keenya rakkoo qaban kan barbaadan gargaarsa osoo hintaane carraadha. Isaan keessa tokko itti gaafatamtuu kutaa qulqullinni meeshaa itti to'atamaniiti."

"Harkashee qabee miti kanan as ishee geessise; ani carraa qofaan isheef mijeesseef. Kanaaf, waan hunda ta'e jettee hojjennaan milkeessuu dandeessa." Samahaal kampaanii omishaawan gogaa Ameerikaa, Awurooppaafi biyyoota Afrikaa tokko tokko keessatti baayyee barbaadamaa ta'e omishu, mana maatishee keessaa kutaa tokkottii keessatti ture kan jalqabde.

Biizinasii kana humna maallaqa gahaan osoo hin taane humna hojjechuufi galma hiyyummaa mo'achuu jedhu qabattee jalqabde. 'Waan hunda gochuu ni dandeessa' jechuun kan maatiin ishee jajjabeessan Samahaal, hojisheetti akka milkooftu taasisuu keessatti gahee olaanaa qaba ture.

"Abbaan kiyya hiyyummaan diinadha jedha ture; jirenya kan jiraannu hiyyummaa mo'anneeti. Maatiin kiyya barnoota Arkitekcherii wagga shan baradheen itti fufuu dhiisuun koo hin mamsifne

Innumaattuu wanta keessa keetti sitti dhaga'amu hodofi naan jedhu ture. Sun ammoo akkan addaan hin Kunne na cimse," jechuun dubbatti. Kabaanaan yeroo miilla lamaan dhaabbachuu jalqabu omishawan borsaa 200 gara alaatti erguuf ajaja fudhate.

Yeroo sanatti maashina tokkoon ala harksheerraa maallaqa gahaan hin qabne Samahaal, warri gogaa dheedhiifi maashina dhiyeessuuf waraqata ittiin ajaja fudhatte agarsiisuu qofa liqaadhaan akka kennaaniif ture ija jabinaan kan isaan gaafatne.

Yeroo sanatti amantaan shamarran ol adeemoo hojii uummatan qaban gadi aanaa waan ta'eef baankiif dhaabbileen liqeessan birooraa amantaa dhabuun gufuuwan turan keessa tokko ture. Haata'u malee, kun Samahaal akka abdii kutattu hin taasifne.

"Ajaja fudhanne hojjennee yeroo xumurretti warri bitatan borsaawwan 100 hanqina qulqullinaatiif fudhachuu didan. Rakkoon qulqullinaa kun kan umame ammoo yeroo horin mana keessatti qalamutti gogaawan haaduudhaan uratan waan jiraniif ture. Ani garuu maallaqa gahaan yeroo sanatti waanan hin qabneef yeroo sanatti naasisaa ture."

Samahaal kasaaraa rakkoo kanaan dhalate hambisudhaaf borsaawwan warri isheerra bitan didanii deebisan gara waalee turrwan xixiqaatti jijiiruuudhaan hojjettee dhiyeessuudhaaf yaada dhiyeessite amansiisuu dandeesse.

"Bu'aa irraa argachuu baadhus waanan hojjedhe narraa fudhatan. Kun taateewwan yeroo rakkoon hojii keessatti na mudatan akkan abdii hin kutanne na barsiisan keessa tokkodha. Maatii sooresaa keessaan dhufe miti; kanaaf, hojiiratti rakkoon na mudateera jedhee dhiisuu osoo hin taane ciniinnadhee itti fufuti narra ture."

Deeggarsa qor-qalbii maatiifi hiriyoottasheerraa argattu, akkasumas waldaalee keessatti miseensa taatteraa yaada furmaataa argattu haalawwan rakkisoo akkasii kana

Gara fuula 2t



## Oomishaafi oomishtummaa bunaan guddisuuf hojiilee hojjetamaa jiran-Daallee Sadiitti

**A**ddunyaarratti boba'aatti aanee oomisha bal'inaan gabaaf dhiyaachuu galii argamsiisuu keessaa oomishni bunaan isa olaanaadha. Bunni madda galii isa olaanaafi sharafa alaa argamsiisuu dinagdee biyyaa keessatti gahee olaanaa taphachaa kan jirudha.

Akka ragaawwan garaagaraa ibsanitti akka addunyaaatti waggaa tokko qofa keessatti gurgurtaa bunaarrraa Doolaarri Ameerikaa Biliyonni 70 ta'u kan argamu yoo ta'u, biyyoonni buna kallattiidhaan oomishan garuu galii gurgurtaa bunaarrraa argatan Doolaara biiliyoona shan hin caalu.

Addunyaaarratti biyyoonni oomisha bunaan beekaman Biraaziil, Kolombiyaafi Veetinaam yoo ta'an, baay'ina bunaan addunyaaarratti oomishamu keessaa harka walakkaa qooddatu. Biyyi keenya Itoophiyaanis oomisha bunaatiin addunyaaarraa sadarkaa 8ffaa, Afrikaarraa immoo jalqabarratti argamti.

Bunni damee qonnaa keessaa tokko kan ta'eefi meeshaa guddaa sharafa alaa argamsiisaa jiruufi dinagdee biyyaa utubaa jirudha. Ragaawwan garaagaraa akka mul'isanitti Itoophiya keessatti oomisha qonnaa waliigala keessaa bunni % 10 kan qabatu yoo ta'u, oomisha biyyattiin gabaa addunyaaaf dhiyeessitu keessaa immoo harka 60 kan qabatuufi sharafa alaa % 20 kan argamsiisudha. Hawaasa biyyattii keessaas namoonni lakkofsaan miliyoona 15 ol ta'an jireenyisaanii oomisha bunaarratti bu'uureffamee kan jiru ta'u ragaawwan adda addaa ni ibsu.

Akka biyyaattis ta'e Naannoo Oromiyaatti haala qilleensaa mijataa oomisha bunaatiif ooluu danda'u bal'inaan qabaattus akkaataa baay'inaafi bal'ina hawaasa oomishcharratti bobba'ee jiruufi misooma bunaan naannichatti hojjetamuun yoo walbira qabamee ilaalamu hanga barbaadamu bu'aan barbaadamu argamuun hin dandeenyen.

Bunni biyya keenya kanaan dura gabaa addunyaaarratti filatamaa ta'us kunuunsi bunaaf taasifamuufi qulqullinnisa yeroo gara yerootti gadi bu'aan deemuurraa kan ka'e callaan argamus ta'e galiin irraa argamu xiqaachaa deemuun dinagdee qonnaan bulaarratti dhiibbaa geessiseera. Wantoota oomishtummaan bunaan akka hin daballe taasisan keessaa buna dulloomaa yeroo dheeraaf qabatanii turuu, misooma bunaaf kunuunsaan barbaachisaan taasisuu dhabuu, hojiin gama kanaan hojjetamu saayinsiin deggeramuu dhabuufi kanneen biron wantoota ijoo ta'anida.

Rakkoo kunuunsaafi qulqullina bunaarratti mudatee jiru furuuf akkasumas oomishaalee sharafa alaa argamsiisaniif xiyyeffannaan kennamee hojjetamaa jiruun oomishni bunaan karaa baay'inaafi qulqullinasa eeggateen akka hojjetamuuf maloota garaagaraati oomishtummaansa akka dabaluuf kunuunsasaaf xiyyeffannaan kennamee hojjetamaa jira.

Akka aanaa Daallee Sadiittis oomishtummaa bunaan dabaluuf sochiwwan taasifamaa jiran keessaa sanyii biqilaa bunaan filatamaa oomisha dabaluuf danda'an kunuunsaan qonnaan bulaaf raabsuu, boolla bunaan karaa ogummaan deggerameen qopheessuu, buna dulloomee oomisha kennuu hin dandeenyee gamashuu, kan firii hin kennine buqqisuun haaraan bakka buusuun hojiwwan oomishtummaa bunaan dabaluuf keessatti gahee olaanaa taphataniifi xiyyeffannaan kennamee

hojjetamaa jiranidha.

Yeroo ammaa kanas akka aanichaatti misooma bunaan dabaluuf hojiwwan xiyyeffannaan hojjetamaa jiran keessaa hojiin buna gamashuufi buqqisuun haaraan bakka buusu, xiyyeffannaan hojjetamaa jira. Hojiin buna dulloome gamashuu kunis dhaadannoo "Buna dulloomaa qabannee hin teenyu" jedhuun buna dulloomaa waggoota dheeraa lakkofsisseefi oomisha kennaa hin jirre karaa ogummaan deggerameen gandoota aanichaah hunda keessatti hojjetamaa jira.

Qonnaan bultoonni bunasaanii dulloome gamashaa jiranis akka jedhanitti kanaan dura hubanno gaha dhaburraa kan ka'e yeroo dheeraaf buna oomisha kennuu hin dandeenyee qabatanii turuu oomisha gaha argachaa akka hin turre dubbatu. Kana malees, buna gamashuun akka waan bunasaanii ciranii bal'eessaniitti ilaalaan kan turan ta'u dubbatu.

Waggoota muraasaan asitti garuu hubanno gorsa ogeessaa walitti fufinsaan argataniin buna dulloome qabatanii taa'uun dadhabbiifi kisaaraa malee bu'aakka hin qabne hubatanii buna gamshuu eegalaniin buna gamashanirraa wagga tokkoo hanga lamaa giddutti oomisha gaha irraa argachaa kan jiraniifi bu'aah dhamaatisaanii dhandhamachuu akka eegalan dhugaa bahu. Bara kanas hojicha caalmaatti itti fufsiisuu oomisha bunasaanii dachaan dabaluuf kilaastaraan gurmaanii akkaataa lafti bunasaanii walitti aanutti buna gamashaa kan jiran ta'uufi muuxannoo walirraa qoddachaa jirra, gara fuulduraattis kunuunsasaafis xiyyeffanna kenuun ni hojjenna jedhan

Ogeessonni qonnaan dirreerratti ramadamanii hojjechaa jiranis ogummafi beekumsa qaban qonnaan bulaaf quodun itti dhiyeeyaaan qonnaan bultoota deggeraa akka jiraniifi ilaachifi hubanno qonnaan bulaas waggaadhaa gara waggaatti fooyya'aa dhufeera jedhan. Kana malees, qonnaan bulaan yeroo itti ofisaati tekinooolojii haaraa barbaaduurr gahe ta'uus ni dubbatu.

Itti gaafatamaan Waajjira Qonnaa aanicha Obbo Jireenyaa Nagaasaa akka jedhanitti bunni utubaa dinagdee biyya keenya keessaa isa olaanaa ta'uufi oomisha sharafa alaa argamsiisuu gahee guddaa taphachaa jirudha. Aanichis ulaa misooma lixa keessatti waan argamuuf oomishni bunaan bal'inaan kan keessatti geggeeffamuufi qonnaan bultoonni aanichaas lafa qotanii midhaan oomishuun cinaatti oomisha isaan galii irraa argachuuf bal'inaan irratti bobba'anii hojjetanida jedhan.

Ta'us oomishni bunaan bal'inaan jiraatus hojichaaf xiyyeffannaan kan hin kennamneefi ogummaan waan hin deggerameen bu'aan barbaadamu hin argamne jedhan. Kun immoo kunuunsaafi qulqullinasaarratti hojjetamuuf dhabuudha jedhan.

Yeroo ammaa kana garuu oomishtummaa bunaan dachaan dabaluuf hojiwwan hojjetamaa jiran keessaa buna dulloomee oomisha kennuu hin dandeenyee buqqisuun haaraan bakka buusu, latii haphisuu, boolla bunaan ogummaan deggerame qopheessuu biqilaa bunaan sanyii filatamaa laga biqilaa moottummaafii dhuunfaarratti kunuunsaan geggeeffamaa jira jedhan. Wayitii bonaa kanas hojiin dursi kennameefi hojjetamaa jiru buna umriinsaa raagee firii kennuu dadhabe gamashuufi buqqisuun gandoota aanichaah hunda keessatti geggeeffamaa kan jiru yoo ta'u,

qonnaan bulaa yeroo ammaa bu'a buna dulloome gamashuu hubachuu oomisha gaha argachuu kilaastaraan gurmaa'ee bunasaan gamashaa kan jiru ta'u dubbatu.

Bara kana akka aanichaatti lafa hektara kuma tokkoofi sagaltama gamashuu, hektara 450 immoo buqqisuun haaraan bakka buusuuf karoorfamee hojjetamaa kan jiru ta'uun ibsameera.

Gama biraatiinis oomisha bunaan dabaluuf keessatti sanyii buna fooyya'aa qopheessuu murteessaa waan ta'eef qophii ganna dhufuutiif biqilaan bunaan sanyii filatamaa laga biqilaa moottummaa shaniifi laga dhuunfaa 122 irratti walumatti laggeen biqilaan bunaan 127 irratti biqilaan bunaan miliyoona 50fi kuma 800 ol dhaabbi ganna dhufuutiif kunuunfamaa jiraachuu ragaan Waajjira Qonnaa aanichaarraa arganne ni mul'isa. Biqilaan bunaan dhuunfaan kunuunfamaa jiru keessaas waldaaleen 14 miseensa namoota 209 ta'an biqilaan bunaan kuma 450 kunuunsa jiru. Dhaabbi biqilaan bunaan kanaafis qonnaan bultoonni boolla bunaan karaa ogummaan deggerameen qopheeffachaa kan jiraniifi biqilaan bunaan qophaa'e kanas lafa hektaraa kuma shanii fi 418 irra dhaabuuf hojjetamaa jira.

Akka waliigalaatti aanichaatti lafa waliigala qabamee jiru keessaa hektarri kuma 32fi 429 oomisha bunaan uwifamee kan jiru ta'uufi qonnaan bultoonni lakkofsaan kuma 13fi 139 misooma bunaarratti bobba'anii hojjechaa jiraachuu ragaan arganne ni mul'isa.

Oomisha bunaan cinaatti galii qonnaan bulaa fooyessuu dinagdee biyyaa guddisuuf tarkaanfiwwan haaraa ykn inisheetiiviwwan haaraa bocamanii hojjetamaa jiran keessaa hojiin oomisha baala shaayee babal'isuuf isa tokko. Haaluma kanaan akka aanichaattis inisheetiivi oomisha baala shaayee babal'isuuf sochii taasifamaa jiruun yeroo ammaa biqilaan baala shaayee ganna darbe godina Iluu Abbaa Boorirraa fudhatamuun biqilaan baala shaayee lakkofsaan kuma tokkoofi 100 ta'u laga biqilaarratti kunuunfamaa kan jiruufi qonnaan bultoota biratti babal'isuuf hojjetamaa jiraachuu ragaan Waajjira Qonnaa aanichaarraa arganne ni mul'isa.

Kana malees, muduraalee garaagaraa kanneen akka avokaadoo, muuzii, paappayyaafi kanneen bironis babal'isuufi qonnaan bultoonnis midhaan oomishuu cinaatti oomisha galii argamsiisuu dinagdeesaanii bayyannachiisuu danda'urratti bobba'anii hojjechaa jiru. Keessumaa oomisha muuzii jal'isii fayyadamun kilaastaraan gurmaa'aniif hojjechuun galii dabatalaa irraa argachaa akka jiran dubbatu.

Tarkaanfiwwan ykn inisheetiiviwwan haaraa oomishtummaa dabaluuf geggeeffamaa jiran keessaa misoomni avokaadoo isa tokko yoo ta'u, akka aanichaattis oomisha avokaadoo babal'isuuf laga biqilaarratti biqilaan avokaadoo lakkofsaan kuma 34 ol ta'u kunuunfamaa kan jiruufi oomisha sanyii fooyya'aa argachuufi avokaadoo sanyii filatamaafii sanyii naannoo walitti dabaluun hojiin diqaalomsuu hojjetamaa jira. Biqilaan avokaadoo kanas qonnaan bultoota biratti babal'isuufi qonnaan bulaan galii dabatalaa argatee dinagdeensaa akka guddatuuf sochiwwan garaagaraa taasifamaa jiru.

*Addunyaa Kabaa, Waajjira Kominikeeshiinii Aanaa Daallee Sadii, Oellem Wallaggaa*

**Barumsi naannoo hubannoo hawaasaa guddisuudhaaf shoora guddaa qaba!**

Aadde Meelaat Balaayinaa Nagahee Lakk. isaa 700915 kan ta'eefi Lakk. Galmee M-207 Kan ta'e maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, nagahee kan biroo baafachuu kan danda'an ta'uu ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Furii.

Aadde Jituu Zawuduu Nagahee Lakk. isaa 385473 kan ta'e maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, nagahee kan biroo baafachuu kan danda'an ta'uu ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Furii.

Aadde Jituu Zawuduu Kaartaa Lakk. isaa S/00712/2010 kan ta'e maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu Kaartaa kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, kaartaa kan biroo baafachuu kan danda'an ta'uu ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Furii.

Obbo Tashoomaa Dheeressaa Nagahee Lakk. isaa 1934605 kan ta'e maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef waan na jalaa badeef ragaan bade kun bakka bu'ee akka kennamuuf Waajjiraa keenyaa gafataaniiru. Kanaafuu namni mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 30tti yoo dhiyaachuu baatee ragaa bade kan bakka buufnee kan kenniuuf ta'uu ni beekifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Malkaa Noonnoo.

Obbo Huseen Mahaamad Nagahee Lakk. isaa 806606 kan ta'eefi Lakk Galmee H-095 kan ta'e maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, nagahee kan biroo baafachuu kan danda'an ta'uu ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Furii.

Obbo Girmaay Kaasaa waraqaa ragaa mana jirenyaa Lakk. Kaartaa isaa 2238/75 kan ta'e Magaalaa Adaamaa Ganda Biiqqa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef waan jalaa badeef kan biraa bakka bu'ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu, qaamni kaartaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti qaamaan dhiyaachuudhaan gabaasa akka gootan beeksisaa, dhiyaachuu baannaa kaartaa bade kana bakka buufnee kan kenniuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Adaamaa.

Obbo Zagayee Girmaa Raggaasaa Nagahee Lakk. isaa 380801 kan ta'ee kan ta'e maqaa Obbo Zagayee Girmaa Raggaasatiin galmaa'ee naaf kennamef na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, Nagahee kan biroo baafachuu kan danda'an ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Galaan Guddaa.

Obbo Fatiyyaa Muhaabaa kaartaa Lakk. isaa S/25869/2002 Fatiyyaa Muhaabatiin galmaa'ee naaf kennamef na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, ragaan abbaa qabeenyummaa (kaartaa) kan biroo baafachuu kan danda'an ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Galaan Guddaa.

### Caalbaasii

R/Himattuu Aadde Maartaa Taaddasaa fi R/himatamaa Obbo Fiqiruu Zawudee jidduu falmii dhirsaa fi niitummaa jiru ilaachisee manni jirenyaa Lakk. Kaartaa isaa TF/007/2000 ta'e bal'inni isaa 200M<sup>2</sup> irratti argamu Magaalaa Tafkii ganda 04 keessatti ijaaramee jiru qorqoorro luukii 65 ofirraa qabu yeroo 2<sup>ffaaf</sup> ka'uumsa Caalbaasii qarshii 1,100,000tiin caalbaasii ifa ta'en gaafa 07/08/2016 keessaa sa'atii 4:00 hanga 6:00tti gurguramee wal falmitootaaf akka qoodamu murtaa'eera. Kanaafuu namoonni caalbaasii kanarratti dorgomuudhaan bitachu barbaaddan tilmaama dhiyaaterra qarshii ¼ ykn ragaa /SPO/ dursa qabsiisuu namoonni danda'an dhiyaattanii caalbaasii ifa ta'en dorgomtanii bitachu kan dandeessan ta'uu manni murtii ajajeera. M/Murtii Aanaa Sabbataa Awwaas.

### Caalbaasii

R/himattoota Obbo Biruuk Tasfayee fa'aa Namoota 4 fi R/himatamtootaa Dastaa Daadhii fa'aa namoota 3 jidduu falmii qabiyyee dhaalaa jiru ilaachisee lafa mana jirenyaa bal'inni isaa 141.68 ta'e irratti ijrarammee Magaalaa Tafkii ganda 04 keessatti argamu ka'uumsa caalbaasii qarshii 937,498.46tiin caalbaasii ifa ta'en gurguramee wal falmitootaaf akka qoodamu murtaa'eera. Kanaafuu namoonni caalbaasii kanarratti dorgomuudhaan bitachu barbaaddan tilmaama dhiyaaterra qarshii ¼ (% 25) ykn ragaa /SPO/ dursa qabsiisuu namoonni danda'an dhiyaattanii caalbaasii ifa ta'en gaafa guyyaa 07/08/2016 ganama keessaa sa'atii 3:00 hanga 6:30tti dorgomtanii bitachu kan dandeessan ta'uu manni murtii ajajeera. M/Murtii Aanaa Sabbataa Awwaas.

### Caalbaasii

R/himattonni 1<sup>ffa</sup> Suraafeel Xilaahuun fa'aa namoota 4 fi R/himattonni dhaaloota Mulunash Hayiluu 1<sup>ffaan</sup> Ma'aazaa Xilaahuun fa'aa namoota 5 jidduu falmii jiru ilaachisee lafa mana jirenyaa lakk. Kaartaa W/1190/89 bal'inni isaa 316M<sup>2</sup> Magaalaa Walisoo ganda Ayetuu keessatti maqaa Aadde Mulunash Hayilutiin galmaa'ee jiru ka'uumsa caalbaasii qarshii 2,397,001.68tiin caalbaasiin bakka manaatti gaafa 08/08/2016 sa'atii 4:00 hanga 6:30tti gatii olaanaa argameen akka gurguramu murtaa'eera. Kanaafuu namoonni caalbaasii kanarratti dorgomuudhaan bitachu barbaaddan iddo, guyyaa fi sa'atii jedhametti qaamaandorgomuu bitachu kan dandeessan ta'uu manni murtii ajajeera. M/Murtii Aanaa Walisoo.

### Caalbaasii

M/A/Mirgaa Aadde Gannat Bagaashawu fi M/A/Idaa Obbo Aschaalaw Biyaazin jidduu falmii raawwii jiru ilaachisee manni jirenyaa Lakk. Kaartaa isaa 658/03 ta'e bal'inni isaa 200M<sup>2</sup> Magaalaa Adaamaa Aanaa Hangaatuu keessatti maqaa M/A/Idaa kanaan galmaa'ee argamu ka'uumsa caalbaasii qarshii 5,357,282.7tiin caalbaasii ifa ta'en akka gurguramu murtaa'eera. Kanaafuu namoonni caalbaasii kanarratti dorgomuudhaan bitachu barbaaddan tilmaama dhiyaaterra qarshii ¼ ykn ragaa /SPO/ dursa qabsiisuu bakka qabeenyichi itti argamu Bul/Mag/ Adaamaa Aanaa Hangaatuutti sa'atii 4:00 hanga 6:00tti argamuudhan dorgomtanii bitachu kan dandeessan ta'uu manni murtii ajajeera. M/Murtii Aanaa kutaa Magaalaa Boolee.

### Caalbaasii

M/A/Mirgaa Obbo Asaffaa Mokonniin fi M/A/Idaa Obbo Nagaash Nugusee jidduu falmii siivilii jiru ilaachisee manni jirenyaa Lakk. Kaartaa isaa \_ ta'e bal'inni isaa \_M<sup>2</sup> Magaalaa Maqii ganda Odaa keessatti argamu kan qabeenyaa M/A/Idaa kan ta'e ka'uumsa caalbaasii qarshii 1,433,232.27/100tiin caalbaasii ifa ta'en akka gurguramu murtaa'eera. Kanaafuu namoonni caalbaasii kanarratti dorgomuudhaan bitachu barbaaddan sa'atii 3:30 hanga 6:00tti mooraa mana caalbaasiin gurguramuutti guyyaafi sa'atii jedhametti argamuudhan dorgomtanii bitachu kan dandeessan ta'uu manni murtii ajajeera. M/Murtii Ol/God/Shawaa Bahaa.

Waldaa mana jirenyaa Mooneerraa mana jirenyaa Magaalaa Bishoofuu ganda Dirree Jituu, Qaallittii fi Calalaqaa keessatti argamu Lakk. Kaartaa isaa B/1/2/3/13/S/I/15 ta'e ballinni isaa 2520M<sup>2</sup> ta'e maqaa Waldaa mana jirenyaa Mooneerraatiin galmaa'ee kennameef waan nu jalaa badeef kan biraa akka nuuf haa kennamu jechuun gaafataniiru. Kanaafuu, qaamni ragaa kana iraa dhorkii, idaa abbaa qabeenyummaafi kan biroo qaba jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa hojji 21 keessatti haa dhiyaatu. Yoo dhiyaachuu baate abbaa qabeenyaa kanaaf ragaan (kaartaa) kan biraa hojjetamee kan kennamuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Bishoofuu.

Obbo Ashannaafii Damisee Guddataa tajaajila lafa D/Farm and milka proc. Magaalaa Bishoofuu kutaa magaalaa Duukam Aanaa Odaa Nabee (Gogeechaa) keessatti argamu Lakk. Kaartaa isaa INV/01/15 ta'e ballinni isaa 3432.8M<sup>2</sup> ta'e maqaa isaanitiin galmaa'ee kennameef waan na jalaa badeef kan biraa akka naaf kennamu jechuun gaafataniiru. Kanaafuu, qaamni ragaa kana iraa dhorkii, idaa abbaa qabeenyummaafi kan biroo qaba jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa hojji 21 keessatti haa dhiyaatu. Yoo dhiyaachuu baate abbaa qabeenyaa kanaaf ragaan (kaartaa) kan biraa hojjetamee kan kennamuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Bishoofuu.

Obbo Huseen Nasiroo mana jirenyaa Magaalaa Adaamaa ganda Biqaa keessaa Kaartaa Lakk. isaa 35/9/79 ta'e maqaa isaanitiin galmaa'ee kennameef waan na jalaa badeef kan biraa akka naaf kennamu jechuun gaafataniiru. Kanaafuu, qaamni ragaa kana iraa dhorkii, idaa abbaa qabeenyummaafi kan biroo qaba jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa hojji 20 keessatti haa dhiyaatu. Yoo dhiyaachuu baate abbaa qabeenyaa kanaaf ragaan (kaartaa) kan biraa hojjetamee kan kennamuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Adaamaa.

Aadde Tanaanyee Zannabuu Shawaaxir mana jirenyaa Magaalaa Mojoo ganda Oboo (01) keessaa Kaartaa Lakk. isaa 2032/343/A-T4/96 ta'e maqaa isaanitiin galmaa'ee kennameef waan na jalaa badeef kan biraa akka naaf kennamu jechuun gaafataniiru. Kanaafuu, qaamni ragaa kana iraa dhorkii, idaa abbaa qabeenyummaafi kan biroo qaba jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa hojji 20 keessatti haa dhiyaatu. Yoo dhiyaachuu baate abbaa qabeenyaa kanaaf ragaan (kaartaa) kan biraa hojjetamee kan kennamuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Mojoo.

Aadde Yashii Dinqaa mana jirenyaa Magaalaa Walisoo ganda Ayetuu keessaa Kaartaa Lakk. isaa W/15/89 ta'e maqaa isaanitiin galmaa'ee kennameef waan na jalaa badeef kan biraa akka naaf kennamu jechuun gaafataniiru. Kanaafuu, qaamni ragaa kana iraa dhorkii, idaa abbaa qabeenyummaafi kan biroo qaba jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Yoo dhiyaachuu baate abbaa qabeenyaa kanaaf ragaan (kaartaa) kan biraa hojjetamee kan kennamuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Walisoo.

Obbo Mokonniin Dirribaa Nagahee Lakk. isaa 159104 kan ta'ee kan ta'e galmaa'ee naaf kennamef na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, Nagahee kan biroo baafachuu kan danda'an ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Furii.

Obbo Tamaseen Dabalataa Lichaa Nagahee Lakk. isaa 871422 kan ta'ee kan ta'e galmaa'ee naaf kennamef na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, Nagahee kan biroo baafachuu kan danda'an ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Furii.

Obbo Hanaan Mahaamad kaartaa Lakk.705/974/98 maqaa isaanitiin galmaa'e na jalaa bade waan jedheef ragaa bade kun bakka bu'ee akka kennamuuf Waajjiraa keenyaa gafataaniiru. Kanaafuu namni mormu yoo jiraate (dhimmi kun naa ilaalataa kan jedhu) beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baatee ragaa bade kan bakka bu'ee jedhhu kana kenniuuf ta'uu ni beekifna. Waajjira Lafaa Bulc. Magaalaa Sandaafaa Bakkee.

Aadde Kibbinash Kabbadaa Kaartaa Lakk. isaa 462/2048/91/92 ta'e maqaa isaanitiin galmaa'ee kennameef waan na jalaa badeef kan biraakka naaf kennamu jechuun gaafataaniiru. Kanaafuu, qaamni ragaa kana irraa dhorkii, idaa abbaa qabeenyummaa fi kan biroo qaba jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa hojii 20 keessatti haa dhiyaatu. Yoo dhiyaachuu baatee abbaa qabeenyaa kanaaf raga (kaartaa) kan biraahojjetamee kan kennamuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Bul. Magaalaa Fiichee.

Aadde Eelsabeet Awwal Nagahee Lakk. isaa 1127074 ta'e maqaa Aadde Wuubituu G/Sillaaseetiin galmaa'ee argame waan na jalaa badeef ragaan bade kun bakka bu'ee akka kennamuuf Waajjiraa keenyaa gafataaniiru. Kanaafuu namni mormu yoo jiraate (dhimmi kun naa ilaalataa kan jedhu) beeksifni kun bahee hanga guyyaa 30tti yoo dhiyaachuu baatee ragaa bade kan bakka bu'ee jedhhu kana kenniuuf ta'uu ni beekifna. Waajjira Kaadasteraa kutaa Magaalaa Buraayyuu.

Obbo Ummataa Dinsaa Nagahee Lakk. isaa 046756 ta'e maqaa Abaabaye Hayiluutiin galmaa'ee waan na jalaa badeef ragaan bade kun bakka bu'ee akka kennamuuf Waajjiraa keenyaa gafataaniiru. Kanaafuu namni mormu yoo jiraate (dhimmi kun naa ilaalataa kan jedhu) beeksifni kun bahee hanga guyyaa 30tti yoo dhiyaachuu baatee ragaa bade kan bakka bu'ee jedhhu kana kenniuuf ta'uu ni beekifna. Waajjira lafaa kutaa Magaalaa Buraayyuu.

#### Aadde Faayizaa Mahaammadiitiif

#### Bakka Jirtanitti

Himat�an Obbo Umar Bushuraafi Himatamtuun isin jidduu falmi waa'ee diigga gaa'ilaa jiru ilaalchisee mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 19/07/2016 sa'atii 4:00irratti dhiyaattanii deebii keessan akka dhiyeeffattan manni murtii ajajeera. M/M/A/Kutaa Magaalaa Boolee.

Obbo Faqii Awwal nagahee Lakk. isaa 430911 ta'e maqaa Nuuriyaa Muusaatiin galmaa'ee waan na jalaa badeef ragaan bade kun bakka bu'ee akka kennamuuf Waajjiraa keenyaa gafataaniiru. Kanaafuu namni mormu yoo jiraate (dhimmi kun naa ilaalataa kan jedhu) beeksifni kun bahee hanga guyyaa 30tti yoo dhiyaachuu baatee ragaa bade kan bakka bu'ee jedhhu kana kenniuuf ta'uu ni beekifna. Waajjira lafaa kutaa Magaalaa Buraayyuu.

Lafawwan miidhaman xuxuqqaarraa bilisa gochuudhaan deebi'anii akka dandamataniifi oomishitummaansaani akka dabalu gochuun ni danda'ama!

## Waamicha Miseensota Waldaa Aksiyoonaa Burqaa Buraayyuu Dubartoota Daldaltoota Magaalaa Buraayyuu hundaaf

Namoonni waamicha karaa W/Atiin yeroo adda addaa isiniif taasifameen dhiyaattanii dirqama isinirraa barbaadamu hin ba'iin jirtan guyyaa beeksifni kun ba'erraal jalqabee guyyoota hojii 10 keessatti waajjira Waldaa Aksiyoonaa Burqaa Buraayyuu kan Magaalaa Shaggar kutaa Magaalaa Buraayyuu Aanaa Kattaa keessatti argamutti dhiyaattanii tarreeffama maqaa ba'e keessa ilaaluun kaffaltii aksiyonaa isinirraa barbaadamu kaffaluun miseensummaa keessan akka mirkanoeffattan waamicha isiniif dhiyeessaa, guyyoota kanaan booda gaaffii dhiyaatu kamiyyuu kan hin keessummeessineefi bu'uura seera ittiin bulmaataafi barreeffamaa hundeffamaa W/A akkasumas seera daldala Itoophiyaatiin kan raawwatamu ta'usaa dursinee ibsaa tarreeffamaa maqaa miseensotaa dirqamasanii bahuuf hayyamamoo hin taaneefi teessoonsaanii dhabamees uunkaa itti aauu keessatti dhiyeessineerra.

#### Tarreeffamaa maqaa miseensota dirqamasanii bahuuf hayyamamoo hintaaneefi teessoonsaanii dhabamee

Lakk	Maqaa Guutuu
1	Abarraash Nagaasaa Ata'uu
2	Abarraash Tottoobaa Galataa
3	Adaanech Shiritaaw Alaandoo
4	Ameleworq Birhaanuu Hundarraa
5	Assallaach Kabbadaa Tasammaa
6	Asnaaquu Fallaqee Abarraa
7	Asteer Duulaa W/Hannaa
8	Asteer Laaqew Argaaw
9	Asteer Taakkalee Gabbisaa
10	Ayyalech Boggaalaa W/Samaayaat
11	Ayyantuu Gaaromaa Baqqalaa
12	Badiriyyaa Ahamed Amaan
13	Ballaxuu Kumsaa Hayilee
14	Baayyush Rafeeraa Waakkennee
15	Beeteliheem Taaddasaa Fallaqa
16	Birqee G/TsaadiqTolasaa
17	Burtukaan Gonfaa Meettaa
18	Caaltuu Dibaabaa Gammadaa
19	Dinqinash Yaabakkee Beezaa
20	Faaxumaa Jamaal Ahimad
21	Faasikaa Dawushee W/Giyoorgis
22	Feeruz Abbabaa Alamuu
23	Fiqirtee Dassaalen Yirdaaw
24	Gannaat Dinquu Gammadaa
25	Gannat Taaffasee Darribee
26	Gannat Yaa'iqoob Abrahaam
27	Haannaa HayileeTaaddasaa
28	Haannaa Dhaabaa Itichaa
29	Haannaa Fayyisaa Atoomsaa
30	Haymaanot Gazzahen W/Kidan
31	Hiruut Laggasaa Baqqalaa
32	Hiruut Mokonnin Dastaa
33	Hiwat Asaffaa Moosisaa
34	Ididiyaa Tashoomee Takiluu
35	Ifee Dhinsaa Itichaa
36	Iftuu Gurmuu Badhaadhaa
37	Immabeet AddunyaGulummaa
38	IyerusaalemBilaattaaAyyaanaa
39	Jiituu Nugusee Tuujoo
40	Lamlam Hayilee Girmaa
41	Lalisee Mokonnin Fufaa
42	Leensaa Alamuu Mullataa
43	Luuliit Abarraa Fayyisaa
44	Maartaa Wuddineh Dhinsaa
45	Maasrashaa Mallas Zargaaw
46	Maasrashaa Tasfaayee
47	Mabraatee Maammoof Ofga'aa
48	Malkaam Asaffaa Balaay
49	Manbaree Kaasaa Axinaafee
50	Manan Asmaamaawu Xiruneh
51	Maanxagiboosh Bahawarq Ishanbor (Innaat)

Lakk	Maqaa Guutuu
52	Maqidas Birhaanee Bayyanee
53	Maqidas Nigusu Wandifiraawu
54	Mardiyyaa Mahaamad Huseen
55	Masarat Taaddasee Dheeressaa
56	Muhubaa Ragaasaa Hasan
57	Nigaat Daggifee Dambal
58	Nigist Taaffasee Darribee
59	Nitsuu Mul'ataa Fayyisaa
60	Nuuriyaa Farajaa Huseen
61	Qiddist G/sanbat Sarsaa
62	Qiddist Galmeessaa Waaqayyoo
63	Qonjiit Fantaahun Tasammaa
64	Qonjiit Mullataa Fay'sisaa
65	Qonjiit Alamaayyoo Tasfaayee
66	Ramilaa Ibiraahim
67	Ristee Baqqalaa Goobanaa
68	Sa'aadaa Sa'id Yesuuf
69	Saaraa Mahaamad Jamaal
70	Sabilee Daggifee Dambal
71	Samiiraa Ahimad Mahaamad
72	Sannaayit Asaffaa Ammayyaa
73	Sannaayit Kaasee Gabiree
74	Shegga Badiishaa Doodaa
75	Shawaayyee Qananii Beekkatee
76	Shumaa Waaqjiraa
77	Simeenash Siisaay Maammoo
78	Taaddalech Sooromsaa Urgeessaa
79	Taarikuwa Baqqalaa Dinquu
80	Tesfaanash Alamuu Hurrisoo
81	Tigist Achaaw Zawudee
82	Tigist Atoomsaa Gaaddisaa
83	Tigisti Abarraa Amantee
84	Tirist S/Maariyaam Ciqqisaa
85	Tsahaay Baayyataa Bulii
86	Tsahaay Makuriyaa Hulluuqaa
87	Tsahaay Shimallis Araggaa
88	Tsahaayinash Taaddasee Yimaam
89	Tsaggaanash Mogos Faradaa
90	Tsiggee Birhaanuu G/waldi
91	Wangeelaawit Mikaa'eel Hundeessaa
92	Warqinash Qanno Wayyeessaa
93	Wayinisheet Kabbadaa Baatuu
94	Xuruu'aalem Asras Ayyaalnehi
95	Yeneewarq Achaawu Zawudee
96	Zandawaarq Yirgaa Biradaa
97	Zinnaash Abarraa Fayyisaa
98	Zinnaash Tashoomee
99	Zinnaash Wayyaa Dirribaa
100	Zinaat Mahaamad Yimar

Odeeffannoo dabalataaf -0951165095 ykn 0946544388



# Seeraafi Haqa

Taammanaa Gammadaa

## Raawwii hojii Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa kurmaanota lamaan jalqabaa bara 2016

(Kan darberra kan itti fufe)

### -Tajaajila E-faayili

Tajaajila e-faayiliingii babal'isuuf keessumattuu bara kana tekinoolojii dhaabbata "INSA" fi kilaasteera haqaafi nageenyaa waliin atoomuun leenjiin kennamee hojiin madaqsa tekinoolojichaa hojjetamaa jira.

Haaluma kanaan, tajaajila E-faayiliingii gal mee ilaachisee dhimmoota ol-iyyataman keessaa sadarkaa MMAtti % 85, sadarkaa MMOTTi % 90fi sadarkaa MMWtti % 95 e-faayiliingii akka keessummeeffamu, haluma kanaan, tajaajila e-faayiliingii gal mee 14,139 irratti kennameen akkasumas tajaajila murtii, ajaja, komiifi kkf irratti kennameen walumaagalatti namoonni 57,910 tajaajila kan argatan yoo tahuu, baasii qar. 67,172,000 tii tilmaamamus abbootii dhimmaa irraa hambisun danda'ameera.

Tajaajila tuqii argii ilaachisee namootiin MMO 5,926, MMA 18,180, akka waliigalaatti namootiin 24,106 fayyadamuun tajaajila argatanii jiru.

Sirna bulchiinsa dabaree abbaa dhimmaatiin sadarkaa MMA 96,785, MMO 11,144 MMWO 4,365 walumaagalatti namootni 112,294 sirna dabaree abbaa dhimmaatiin tajaajila akka argatan gochuun komiin keessummeessaan wal-qabachuun ka'anis xiqlaachaa jiraachuu ragaan mana hojichaas ni agarsiisa.

Gama biraatiin abbootiin dhimmaa qaamaan gara mana murtii dhufuu osoo hin barbaachisiin bakkuma jiran irraa tajaajila ergaa gabaabaa (SMS)tiin sadarkaa dhimmi isaanii irra jiru beekuu akka danda'aniif hojiin hojjatameen sadarkaa MMWOTTi namootiin 10,160, sadarkaa MMOTTi namoonni 4,705fi sadarkaa MMAtti 2,701 tajaajilli raawwatamaniiru.

Walumaagalatti namootiin 17,566 tajaajila argatanii jiru. Hojimaanni kun baasii tilmaama 35,132,000 abbaa dhimmaa irraa habisee jira. Tajaajilli kun abbaa dhimmaa baasiifi xaarii irraa akka baraaraman waan taasisuuf tajaajilli isaa babal'isuuf hojiin hubannoo uumuu bal'inaan hojjatamuu qabu.

Kenniinsa tajaajila abbaa seerummaa fooyessuu keessatti sirna qabanna gal mee ammayeessuuf gal mee iskaan gochuun qabachuun murteessaa dha. Bu'uruma kanaan, gal mee barreeffamaan jiran gara "SoftCopy" tti jijiiruu qabachuuf hojjetamaa jira. Gama kanaan sadarkaa MMA galmeen 191,187 iskaan tahan kana keessaa galmeen 18,723 Sarvarii "DMS" irratti fe'amee jira. Sadarkaa MMOTTi galmeen 45,571 iskaan ta'ee galmeen 13,064 sarvarii/DMS/ irratti fe'amee jira. Sadarkaa MMWOTTi galmeen iskaan ta'e 11,674 yoo ta'u, 1,159 sarvarii "DMS" irratti fe'amee jira.

Haaluma kanaan, walumaagalaa Dhiibbaawan bosonoota keenyarra jiru hir'isuuf qoraaniifi ijaarsaaf filannoowwan jiran faayidaarra haa oolchinu!

galmeewwan 248,432 iskaan gochuudhaan gara "softcopy" tti jijiiramee galmeen 32,946 sarvarii/DMS/ irratti fe'ameera. Raawwii gal mee iskaanessuu ilaachisee karoorri qabame baay'ina galmeen kuufaman gal mee irraa %10 kan jedhu yoo tahuu raawwiin jiru gal mee waliigalaatti sochii irra ture gal mee 280,978 yoo ta'u, kan iskaan ta'e akka waliigalaatti gal mee 248,432(%88.42)dha.

Hojiin gal mee iskaan gochu gal mee manneen murtii keessa jiran haala hammayaawaa ta'een yeroo dheeraaf qabachuu, galmeen turtiidhaan akka hin mancaane, bakka bal'aa akka hin fudhanneefi abbootiin seeraa gal mee baatanii akka hin deemne haala mijeessuu akkasumas karoora manneen murtii keenya gara waraqaa maleessaatti jijiiru keessatti bu'aa guddaa kan qabuu waan ta'eef fuula dura itti fufinsaan cimninaan hojechuu kan gaafatudha.

Tajaajila abbaa seerummaa kennamu keessatti iftoomina tajaajilaa dabaluudhaaf babal'inaafi hojiirra oolmaa CCTV kaamera cimsuun yeroo ammaa kana manneen murtii naannichaa keessatti dhaddachaaleen 1,239 ta'an CCTV kaameran deeggaramaa jiru. Gama maarsariitiin fuulli fees-buukiifi telegiraamiin manneen murtii Oromiyaas iftoomina dabaluufi Odeeffannoo dhaqqabamaa ta'e kennaa jira.

Tajaajilli abbaa seerummaa dhaqqabamaa akka ta'uufi madaalamummaa falmii mirkaneessuuf abukaatoo ittisaa manneen murtii keessa jiran, abukaatoo dhuunfaafi ogeessota Yuuniversitotairras ramadaman waliin abbootii dhimmaa harka qalleeyyi, dubartootaafi daa'imman irratti xiyyeffachuu daggersa seeraa bilisa akka kennamu hojjetamee jira.

Gama birootiin hojiin tajaajila deggersaafi gorsa seeraa kan akka komii barreessuu, gorsa, deebii qopheessuufi kkf ilaachisee MMAtti namoota 37641(Dhi. 20880fi Dub. 16761), MMO 8590(Dhi. 5228fi Dub. 3362)fi MMWO 782(dhi. 328fi Dub. 454). Akka waliigalaatti namoota 47013(Dhi. 26436 fi Dub. 20577) deggersa seeraa bilisa argatanii jiru.

Haaluma kanaan murtileen manneen murtiin kennaman tilmaamamoofi barsiisoo taasisuudhaan fayyadummaan hawaasaafi bu'a qabeessummaan kenniinsa tajaajila abbaa seerummaa akka cimu taasisuuf sadarkaa MMWO namoota 25,274 dhi. 18,991fi Dub. 6283 sadarkaa MMOTTi namoota 137,297 dhi. 88,166, dub. 49131fi sadarkaa MMAtti 544,089 dhi. 340,775, Dub. 203,314 akka waliigalaatti namoota 706,660 Dhi. 447,932, Dub. 258,728 ta'an adeemsa kenniinsa tajaajila manneen murtiifi dhimmota wal-qabatan irratti hubannoo akka argatan taasifameera.

Dhaddacha dhaabiifi naannawaa hundaa'anii

jiran ilaachisee yeroo gabaasaa kana keessatti sadarkaa aanaatti dhaddacha dhaabbii 8fi naanna'aa 9 sadarkaa MMOTTi dhaddacha dhaabbii 1 hundaa'un sadarkaa MMAtti dhimmoota 1562fi sadarkaa MMOTTi dhimmoota 528, sadarkaa dhaddachaalee dhaabbii MMWOTTi dhimmoota 5,877 kan keessummeeffaman yoo ta'u, walumaa galatti dhaddacha dhaabiifi naannawaatiin sadarkaa manneen murtii sadanitti dhimmoonni 7,967 keessummeeffamaniiru.

### Mana Murtii Aadaa ilaachisee

Kaayyoon hundeeffama mana murtii aadaa hawaasni naannichaa seera aadaafi duudhaa bu'uureffachuu wal-diddaan akka hiikkatu taasisuu, keniinsa haqa seera aadaa irratti hundaa'e dhugaafi haqa baasuu irratti fooyya'aa kan ta'eefi hariiroo hawaasummaa waldhabdootaa cimsuu danda'u hojiirra oolchuun kabajamuu mirgoota lammileefi ol'aantummaa seeraatiif gumaachuudha.

Hawaasni naannichaa tajaajila haqa dhaqqabamaa, adeemsa salphaa ta'eefi baasii xiqlaachaa akka argatu taasisuu, sirna seeraafi haqa guddina aadaafi duudhaa Oromootiif gumaachuufi miirri abbummaa keessatti mirkanaa'e uumuudha. Haaluma kanaa haala sochii manneen murtii aadaa kan walakkaa waggaan agarsiisu gabatee itti aanan irraa hubachuu ni danda'ama.

Gandoota akka waliigalaatti jiran 7510 keessaa gandootiin 6232 manneen murtii aadaa jalqaba hundeeffaman 6199 jalatti hammatamanii jiru. Gandootiin 1278 kan hin hammatamne kanneen godinaalee rakkoo nageenyaa qaban keessa warreen jiranidha.

Walumaagalatti manneen murtii aadaa jalqabaa dhimmoonni 233,352 simatamanii dhimmota 172,220 (%73.80) furmaata argatanii jiru. Mana murtii aadaan kanneen ol dabarfataman dhimmoonni 9,898 simatamanii dhimmoonni 6950 (%70.22) furmaata argatanii jiru.

Haala yaa'insa dhimmootaa manneen murtii aadaa kan bara darbeen yeroo wal-fakkaataa waliin yoo ilaalamu bara 2015 walakkaa waggaatti sadarkaa mana murtii aadaa jalqabaatti sochii irra kan ture 152,485 yoo ta'u, kan bara 2016 walakkaa wagga sochii irra kan ture dhimmoota 233,352 dha.

Kan manneen murtii aadaan ol-dabarfatamanis haaluma wal-fakkaatuun kan bara darbeen yeroo wal-fakkaataa keessatti sochii irra kan ture dhimmoota 8,399 yoo ta'u, kan walakkaa waggaan kanaa 9,898 ta'u agarsiisa.

Haaluma kanaa dhimmooti Mana Murtii Aadaa jalqabaatti sochii irra turan dhimmoota 80,867 (%53.03) dabaluu fi Kana Mana Murtii Aadaa Ol'dabarfataa Gara fuula 14tti



# Hawaasummaa

Galaanaa Kumarrraa

## Amaloota fayyaa sammuu namaa miidhaniifi of eeggannoo taasifamuu qabu

Namni jirenyasaa keessatti wantoota garaagaraa amaleeffata. Fakkeenyaaaf namoonni tokko tokko mana keessaa osoo gadi hin ba'iin yeroo dheeraa taa'uu filatu. Tokko tokko ammoo kutaa dukkanaa keessa qofaa yeroo fudhatanii rafuu filatu. Kana amalees, namoonni lakkobsisaanii salphaa hin taane ammoo 'Ear phone' gurratti godhachuudhaan sagalee muuziqaa guddisanii dhaggeeffachuu amaleeffatu.

Qorannoon akka agarsiisutti amalli namni qabu fayyaa sammusaarrarrattu dhiibbaa guddaa kan qabudhadha. Amaloonni 11 kan sammuu namaa miidhaniifi dhaabuun irraa eegamu ilaachisuun

BBC'n Afaan Oromoo 'Harvard Medical School fi US National Institute of Neurological Disorders and Stroke' wabeeffachuu fuula miidiyaa hawaasaarrattu maxxanseera. Nutis, kanumarraa waan qindeeffanne akka armaan gadiitti qindeessineerra. Akkuma armaan olitti ibsame amaloota 11 sammuu namaarraan miidhaa ga'u danda'aniifi irraa of eeguu barbaachisaa ta'e haala aramaan gadiitiin dhiyeessineera.

### Hirriba gahaa dhabuu

Qorannoon Dhaabbanni Qornanoo 'Center for Neurology of the United States' jedhamu geggesesse akka agarsiisutti miidhaa cimaan sammuu namaarra ga'u irra caalaan hirriba ga'aa ta'e dhabuudhaani. Namni ga'eessi tokko hirriba ga'aa argate kan jedhamu sa'aatii 24 keessatti giddugaleessaan sa'aatii 7-8 yoo rafedha. Halkan yeroo hundumaa hirriba ga'aa argachuun fayyaa sammuu namaaf murteessaa akka ta'edha qorattooni kan gorsan.

Akka qorattooni dhimma kanarratti qorannoogeggeessan jedhanitti sammuu namaa kan boqotuufi seelii haaraa uumu hirriba ga'aa yeroo rafudha.

Guyaatti sa'aati 7 gadi kan rafan taanaan waan tokkoratti xiyyeefachuu rakkachuun ni jira; murtee kennuufillee rakkoodha. Dabalataanis, hirriba ga'aa kan hin arganne yoo ta'e, rakkoo waa yaadachuu dadhabuufis sammuu namaa akka saaxilamu taasisa.

Kanaaf, fayyummaa sammutiif guyyaatti yoo xiqaate sa'aati 7fi isaa ol hirriba ga'aa argachuun gaariidha. Yeroo hirribaatti ammoo waantota hirriba nama jeeqan ykn hatan kan akka meeshalee elektirooniksii ofirraa fageessuu barbaachisa. Kana malees, afata siree qulqulluu fayyadamuu, ibsa kutaa ciisicha keessa jirus akka nama hin jeeqne taaisuun barbaachisaadha.

### Ciree nyaachuu dhiisu

Namoonni tokko tokko ganama midhaan gadi naaf hin bu'u ykn naa hin nyaatamu jedhanii ciree yeroo lagatan ni mul'ata. Ciree lagachuun ykn nyaachuu dhiisuun sukkaarri dhiiga keessa jiru akka gadi bu'u



taasisa. Kun ammoo sammurrattu dhiibbaa qabaata. Walumaagalatti walitti fufinsaan ciree nyaachuu dhiisuun ykn lagachuun sammuu namaa miidhuun dandeettii selota dadhabsiisa. Sababnisaa, qabiyyeen nyaataa barbaachisu yoo hin jiraanne sammuinillee tooran hojiisa dalaguuf ni rakkata.

### Bishaan ga'aa dhuguu dhiisu

Bishaan jirenya nama tokkootiif baayyee murteessaa ta'u qofa osoo hin taane dirqama kan barbaachisuudha. Sababnisaa sammuu namaa 75% isaa ol bishaani. Kanaaf, namni tokko bishaan ga'aa hin dhugu yoo ta'e, sammuu hojiisa sirnaan akka hin hojenne gufuu ta'a jechuudha. Kana malees, sammuu namaa bishaan ga'aa hin argatu taanan tishuun sammuu akka gadi deemuufi seelonni hojiisanii akka sirnaan hin hojenne taasisa. Qorattoonis akka jedhanitti namni ga'eessi tokko guyyaatti yoo xiqaate bishaan leetira lama yoo dhuge fayyummaa sammutiif bu'aa qaba.

### Garmalee dhiphachuu

Garmalee dhiphachuu (chronic stress) seeliin sammuu akka du'u gochuudhaan sammuu namaa garri fuula duraa akka gadi deemaa bulu taasisa. Namoonni yeroo mara hojiin qabaman dhiphinaaf kan saaxilamanidha. Kana hir'isuuf ammoo hojii humnaa ol ofitti baayyisuun sirrii akka hin taanedha qorattooni kan gorsan. Namoonni tokko tokko yeroo dhukkubsatanii sireerra ciisanillee waa'ee hojii yaadu ykn yaadda'u. Kun, ammoo yeroo dheeraa keessatti rakkoo fayyaa sammuuf isaan saaxila.

Wantoota biroo dhiphinaaf sababa ta'an keessaa inni tokko yeroo dheeraaf bakka tokko taa'uddha. Fakkeenyaf, guyyaayaa ayaa waggaan namoonni

gaafa mana oolan sa'aatii dheeraa taa'anii dabarsu. Bakka tokko yeroo dheeraaf taa'uun ammoo, dhiphinaan alatti rakkolee akka dhivee Onnee, Sukkaaraafi waa yaadachuu dadhabuufillee nama saaxila. Kanaaf, furmaannisa, yeroo dheeraaf bakka tokko taa'uun dhiisuu, soochi qaamaa gochuu, bakka taa'anii ka'anii sosocho'anii deebi'uudha.

### Humnaa ol 'intarneeti' ykn 'google' fayyadamuu

Akka ammaa intarneetiifi tekinoooloijiin osoo hin babal'atiin namoonni herrega sasalphaa kaalkuleetarii malee hojjeturan. Osoo moobaayiliin hin dhufiin bilbila nama hedduu sammuutti qabachuun ni beekama? Kun, ammoo sammuu hojii akka hojjetu gochuu keessaa tokkodha. Bara interneeti kanatti ammoo akka durii waa hedduu sammuutti qabachuuf namni itti hin dhimmamu. Sababnisaa intarneetiirratti hirkachuu jira waan ta'eef. Waa hunda intarneeti gaafachuu isarratti hirkachuu dandeettii waa yaadachuu qabachuu sammuu namaa hir'isaa deema jechuudha. Kanaaf, sammuu sirriitti hojiisaakka hojjatu gochuuf intarneetiirratti sa'aati dheeraa dabarsuuf waan hundumaa 'google' gaafachuurra sammuutti waa qabachuufi yaadachuu barbaachisaa akka ta'edha qorattooni kan gorsan.

### Yeroo hunda 'heedfoonii' fayyadamuufi muuziqaa sagalee olkaasanii dhaggeeffachuu

'Heedfoonii' ykn 'eerpoodii' fayyadamuun muuziqaa sagalee baayyee itti dabalanii dhaggeeffachuu dandeettii dhaga'uun namaarratti dhiibbaa ni uuma. Dandeettii dhagah'uun dadhabe jechuun ammoo kallatiidhaan sammuu namaa miidha. Ragaan qoranno akka agarsiisutti, namoonni dandeettii dhaga'uusaanii miidhame tishuun sammusaanii ni miidhama. Kun, ammoo rakkoo waa yaadachuu dadhabuuf nama saaxila. Kanarraa kan ka'e dubbisuufi waan tokkoratti xiyyeefachuu rakkisa ta'a deema. Kanaaf, muuziqaa yeroo dhaggeeffatan sagalee osoo ol hin kaasin ta'u qaba. Yeroo dheerafis 'heedfoonii' godhantanii dhaggeeffachuu dhiisufi giddudhaan boqonnaa fudhachuu ni gorfama.

### Yeroo hunda qofaa ta'u filachuu

Yeroo dheeraa kophaa turuun sammuu namaarratti dhiibbaa guddaa qaba. Sababnisaa hirriba ga'aa akka hin arganne waan nama taasisuufi. Maatiifi namoota kaan waliin walitti dhiyaachun fayyaa sammuuttiif waan gaaridha. Faallaa kanaa ammoo, yeroo dheeraa kophaa turuun rakkolee akka dhiphinaaf, yaadda'uufi waa yaadachuu dadhabuufaaf nama saaxila.

### S'aatii dheeraa dukkana keessa turuu

Qorannoon UStti geggeeffame akka agarsiisutti namoonni yeroo dheeraaf dukkanaafi balbala cufaa keessa turuu filatan haalli isaan *Gara fuula 2tti*

**Bulchiinsa gaarii mirkaneessuun dagaagina sirna dimookiraasiitiif bu'uura!**



# Oduu

## Godaansa seeraan alaa ittisuuf qaamni hawaasaa hundi gaheesaa bahuu akka qabu dhaamame

**W.K.B.Magaalichaatiin**

Dallaalota seeraan ala dargaggoataafi dubartoota gowwoomsuun karaa seeraan alaa akka godaanan tasisan seeratti dhiyeessuun godaansa seeraan alaa ittisu keessatti qaamni hawaasaa gaheesaa gumaachuu akka qabu dhaamame.

Itti gaafatamaan Waajjira Kantiibaa Magaalaa Walisoo Obbo Fiqiruu Nageessoo konfaransii sosochii ittisa godaansa seeraan alaa tibbana magaalaa Walisootti geggeeffamerratti akka jedhanitti godaansi seeraan alaa lubbuu

lammilee galaafata, mirgi namoomaa akka sarbamtu taasisa, qabeenya biyyaarratti dhiibbaa geessisa. Mootummaan miidhaa kana hambisuuf xiyyeefannoohojjetaa akka jiruufi Ejensiwwan seera qabeessa ta'anii namoota karaa seera qabeessaan hojji biyya keessaafi biyya alaatti bobbaasan akka babal'atan taasisaa kan jiru ta'uus dubbataniiru.

Konfaransiin sosochii godaansa seeraan alaa kun mataduree "Qindoomina qaamolee hawaasaatiin godaansa al-idilee haa Ittisnu" jedhuun geggeeffameera.

Akka biyyaatti godaansi seeraan alaa rakkoo guddaa ta'uun kan ibsan, Ittigaafatamaan Waajjira Dhimma Hujjettaafi Hawaasummaa Magaalaa Walisoo Obbo Bacharee Biifaa gamasaaniitiin Kaayyoon konfaransichaa namoonni dhiibbaa Godaansi seeraan alaa akka biyyaafi nama dhuunfaatti fiduu danda'urratti hawaasni hubannoo argatee ga'eesaakka ba'u gochuudha jedhaniiru.

Barreeffamni gabaabaan qindoomina qaamolee hawaasaatiin godaansa al-idilee haa Ittisnu jedhus ogeessaan dhiyaatee mariin irratti geggeeffameera.

## Sirna hordoffiifi gamaaggamaa cimaa . . .

naannoleef leenjii hubannoo cimsuu kenneera.

Bakka Bu'aa Damee Hordoffiifi Gamaggama Komishiinii Karoora Misooma mootummaa Obbo Birhaanuu Jiraa sirna hordoffiifi gamaggamaa cimsuun hojiin karoore sirnaan raawwachuu mirkaneessaa deemuun murteessaadha jedhan.

Kunis ta'uun kan danda'u caasaan sadarkaa sadarkaan jiru hubanna walfakkaatu yoo gonfatan ta'uun ibsaniiru.

Komishiinii Karooraafi Misooma Mootummaatti Daarikteera Damee Hawaasummaa Obbo

Girmaa Ayyaansaa gamasaaniin sirna hordoffiifi gamaggama beekumsarratti hundaa'e sadarkaa hundatti xiyyeefannooh itti kenuun ogeyyii sadarkaa sadarkaan jiraniif hubannoo walfakkaataa qabachiisudha.

Karorri ji'ootaan, Kurmaanaan, ji'oota jahaafi waggeran bahan hojji qabatamaan bu'aafi milkaa'ina karaa safaruu danda'un hojmaata aadeffamaa keessaan bahuun gamaggamni bu'aarratti xiyyeefamee gaggeeffamuu akka qabaatu ibsaniiru.

Akkuma beekamu karoora xiiqii galmaan gahuuf mootummaan

tarkaanfi adda addaa fudhatu keessaan sirna hordoffiifi gamaggama cimaa hojiirra oolchuun sirni gaafatatummaa mirkaneessuutu qaba.

Karoora idilees ta'e tarkaanfi haaraa mootummaan baase raawwiisa hordofuuf gamaggamuun imala badhaadhinaa milkeessuuf hojjetaa jiraachuu Obbo Birhaanuu eeraniiru.

Itti dabaluun Obbo Birhaanuu Pirojeekti sadarkaa Federaalaafi Naannootiin qabaman hunda caasaan sadarkaa asadarkaan jiru miiraa ittigaafatatummaa qabuun hordoffiifi barbaachisu taasisuu qabaatas jedhan.

## Waajjirri Qonna Magaala . . .

turuu Obbo Abdulaziiz ibsaniiru.

Magaalichatti jal'isii idileetiin lafti hektarri dhibba 4f 15n kuduraalee gosa garagaraan haguugamuu danda'eeras jedhan.

Kilaastara muduraa 15 gandoota magaalichaa garagaraa keessatti hundeessuun danda'ameeras jedhan.

Sanyii loonii fooyyessuun, oomisha aannanii dabaluuf hojji hojjetameen hanga ji'oota jahan darbaniitti aannan liitirri miliyonni 13f kuma 47f 60'ni oomishamuun danda'amuu ibsaniiru.

Oomisha killee fooyyessuuf hojji hojjetamaa turenis, hanga ji'a

Amajjiitti killee miliyonni 6f kuma 616 fi dhibba 487 oomishuu danda'ameeras jedhan.

"Labsii Jimmaa" dhaadannoo "Oromiyaa galaana dammaa ni taasisna" jedhuun bara 2013 Magaalichatti labsame milkeessuuf, sosochii uumameen bara kana gaagura ammayyaa kuma 5'n raabsuuf karoorfame keessaan gaagurri kumni 2'f dhibbi 495 gandoota 8'tiif hojjaachuu obbo Abdulaziiz himaniiru.

Hojiiwan Qonna Magaala karoora xiiqii kana keessatti caalmaan milkeessaa adeemuuf, sheediwwan gosa adda addaa kilaastara misooma

dammaa, lukkuu, misooma aannanii furdisaa gosa garaagaraa of keessatti qabu bajata magaala qarshii miliyoona 100 oliin ijaaramaa kan jiru ta'uun Obbo Abdulaziiz himani, kilasteroniun kenneen gam-tokkoo xumuuramee hojji keessa galuus obbo Abdulaziiz addeessaniiru.

Kana males karoora hojji inisheetiivii qonnaa gama misooma beeladaatiin qabame galmaan ga'uuf waldaaleen hojji gamtaa, abbootiin qabeenya, qonnaan bultoota adda dureefi namootni dhuunfaa hojji kanatti akka hirmaatanuuf sochii bal'aa taasifameen bu'aan gaariin galmaa'eeras jedhan.

## Dhaabbileen Invastiment . . .

Injinariingii Gruuppi Ambaasaaddar Suleeman Daddafoo gamasaaniin dhaabbannisaanii dhaabbilee oomisha industiri babal'isuun biyya keessatti baay'inaan oomishuu kan alaa galu bakka buusu akkasumas gara biyya alaatti erguun sharafa argamsiisuuf hojjachaa jiraachuu eeranii, kana milkeessuuf qindoomanii hojjachuu barbaachisaadha jedhan.

Dhaabbanni Itiyoo Injinariingii Gruuppi guddina industiri biyya keenyaa saffisiisuuf dhaabbilee oomisha biyyattii keessatti hojjatan kanneen biroo waliin qindoomuu kan hojatu ta'uun dubbataniiru.

## Raawwi hojii . . .

dhimmoota 1,499(%17.85) dabaluu isaa agarsiisa.

Raawwi manneen murtii aadaas yoo ilaalle baro darbe yeroo wal-fakkaataa sadarkaa mana murtii aadaa jalqabaatti kan murtii argate dhimmoota 117,202 (%76.86) yoo ta'u kan bara kanaa dhimmoota 172,220(%73.80) dha. Mana murtii aadaan kan ol'dabarfatam ammoo kan bara darbee 4800 (%57.15) yoo ta'u, kan walakkaa waggaa bara kanaa 6950(%70.22) ta'u agarsiisa.

Haalmu kanaan kan mana murtii aadaa jalqabaai kan murtii argatan 55,018(%36.08) fi kan mana murtii aadaan Ol-dabarfatani murtii argate kan bara darbeen walakkaa waggaa waliin yoo ilaalamu dhimmota 2150(%44.79) ol dabaluu agarsiisa.

Manneen murtii aadaa itti dhiyeenyaan dhimmoota dhihaatan irratti furmaata kennaa jiraachuu, duudhaafi aadaa Oromoo deebisaa jiraachuu isaanii irratti murtiin gama manneen murtii aadaa kanaan kennamaa jiran kanneen manneen murtii idileetiin furmaata dhaban/osoo dhihaatanii furmaata argachuu hin dandeenyaa ykn baasiifi dhamaatii guddaa gaafatan ta'uun isaa bu'a qabeessummaa mana murtii aadaa kan agarsiisudha.

**Harka keessan saamunaafi bishaaniin yeroo yerooodhaan sirriitti dhiqadhaa!**



## Magaalaa ummannishee lafa jala jiraatu

Magaalaa addatti qarqaratti baatee jirtu tokko keessatti wanti jiru martinuu lafa jaladha. Waldaalee amantaadhaa hanga maneen jirenyaafi kaampiwwan hunduu lafa jalatti akka argamantu ibsame.

Yeroo addunyaan ho'a 2.7C (4.9F)'n dabala jirutti jirenyi namma lafa jala ta'uu qabaa? Karaa dheeraa gara giddu-galeessa Austiraaliyaatti geessuurrtati dirree qarqara galaanaa Adeleedii gama Kaabaan kii loomeetira 848 yoo deemtan, Piraamidoota cirrachaa hibboo namatti ta'antu argama. Naannawaa sana lafti guutummaan guutuuti callaboodha. Dhukkeen Saalmon-Rooz dhuma hin qabneefi darbee darbee uura qofatu mul'ata.

Haata'u malee, daandii guddaa qabattanii yoo deemsa itti fuftan ijaarsawan ajaa'iba ta'an bakka qabatani argitu-tabbawwan aduun quncise, siidaawan faffaca'anii jiran yeroo dheeraaf kan mil'atu dhibe fakkaatanis argitu. Tokko darbitanii isa kaan cinaa ujummoon adii lafarratti maxxanfamee jira. Kanneen argitan kun, mallatto magaalaa albuudni Oppaalii keessaa baafamuufi ummata 2,500 ta'u qabdu Kuuber Pedii jedhamtudha.

Tabbawwan baayyeen mumul'ataniifi magaalatti kanaaf mallatto ta'an lafa albuuda baasuuf jecha waggoota dheeraaf qotamanidha. Dhimmi biraan magaalatti kana adda taasisu inni guddaan lafa jala jiraachusheeti.

Golee addunyaa kana keessatti ummanni magaalatti %60 ta'u mana lafa albuudaan badhaadhe kana jalaafi kattaa qotame keessa jiraata. Bakkeewwan kanneenitti maneen jirenya lafa jala ta'uusaanii kan agarsiisu ulaa qilleensa galchu ykn 'ventileetari' dhaabbatutu mul'ata. Biyyeen lafa keessaa qotamee ba'es bakka tokko tokkotti tuulamee argitu.

Waqtii gannaatti, malli jirenya kun callisee of dhoksuuf qofa fakkaachuu danda'a. Garuu, yeroo bonaas Kuuber Peediin sanuma. 'Kuuber Pedii' jechuun jecha warra Awustiraaliyaatiin.

Nama adii boolla keessa jiru' jechuudha. Bakki kun dhaabbataadhaan ho'i isaa 52C (126F) yeroo itti ta'utu jira.

Baayye ho'aa waan ta'eef simbirroonillee yeroo samiirraa itti harca'an ni jira. Kanaaf, meeshaan hunduu qorriisti ykn firijji keessa taa'uun dirqamadha.

Kuuber Peediin mandara jirenya lafa jala isaa jalqabaa ykn isa guddaa addunyaa kanaa miti.



Waggoota miliyoona lama dura namoota durii meeshaa isaanii holqa Afriikaa Kibbaa keessatti hambisanirraa kaasee, bara Cabbii Firaansitti Girooto keessatti tuullaa namni amanuu hin dandeenyel tolfachuun jiraataa kan turan namoota Niyaandertaal jedhamaniitti dhalli nama haala qilleensaa rakkisa ta'e jala baqachuuf lafa jala jiraataa tureera.

Waggoota 176,000 dura Kibba-baha Senegaal keessatti Chimpaazonni ho'a guyyaa dandamachuuf holqa keessa seenanii yeroo of qorriisi mul'ataniiru. Kutaa Turkii giddu-galeessatti argamu kan 'Qephodooqiyas' jedhamtu fudhachuu dandeessu. Bakki kun gammoojiifi lafa onaa ta'ee teessuma adda ta'e qabuun beekama.

Magaalaan 'Deriinkuyyee' jedhamtu akka tasaa karaa boolla keessaa hordofuun argamtes kanaaf fakkeenyaa gaariidha. Magaalaan kun magaalota lafa jala hedduu beekaman keessa tokko yoo taatu, baddee turtee waggoota dheeraan booda akka argamtedha seenaan kan ni himu.

Magaalaan Deriinkuyyee bara DH.K.D jaarraa 8ffaa keessa akka ijaaramte kan amanamu yoo ta'u, magaalaan kun karaa qilleensi galu, boolla bishaanii, waldaaleenamantaa mankuusaawwaniifi manneen lafa jala hedduu qabdi ture. Akkuma Akubeer Pedii kana, jirenyi lafa jala jiraattota qilleensa ho'aafi hamaa ta'e jala akka oolaniif isaan gargaaraa ture. Karaa gara magaalaa lafa jala Kubeer Pedii geessu guddicharratti kan argamu wiirtuu magaalattidha. Magaalaan lafa jala kana seene wantonni magaalaa lafarraa jiran

hundi kan akka suupparmaarkeetii, manneen-nyaataa, daandii, buufataa raabsaa boba'aa ni jiru.

Namni magaalaa Kubeer Pedii kana keessa jiru waan lafa jala jiru itti hin fakkaatu. Kuuber Pedii keessatti gamoowwan lafa jalaa yoo xiqaate meetira 13 gadi fageenya qabaachuu qabu. Baaxiin isaanii akka hin diigamneef ittisuudhaaf ammoo of eegannoottin hojetamu. Haalli qilleensa manneen lafa jalaa sa'atii 24fi wagga guutuu madaalawaa akka ta'anitti tolfamu.

Lafa jala jiraachuu jirenyaaf kan namatti tolu ta'uun alatti faayidaan isaa inni biraan tokko maallaqadha. Kuuber Peediin humna ibsaa ishee ga'u maddisiifatti. Kun ammoo %70 kan ta'u, humna qilleensaaf Aduurraa kan argamudha. Haata'u malee, qorriistiun qilleensa yeroo baayyee qaaliidha.

Gama biraan ammoo, manneen magaalaa Kuuber Pedii lafa jala jiran gatiinsaanii bir-qabaan gaariidha jedhamu. Manni abbaan kutaa ciisicha sad'ii giddu-galeessaan dolaara Awustiraaliyaa 40,000 ta'a. Kan nama ajaa'ibu lafa jala jiraachuu kirkira lafaa irraa hanga tokko nama oolchuu danda'a.

Baroota 1960 fi 1970 keessa jiraattonni Kuuber Peedii yeroo albuudonni Oppaal qotamanitti dho'insa uumameen mana isaanii baballifatan. Hedduu qofforuun isaan hin barbaachifnes ture. Amma garuu, maashinoota lafa jala qotan gargaaramu. Kuuber Koodii keessa urufawwan baayyeetu jiru. Manneen baayyee qananii ta'an jiru. Lafa kana jalatti manneen bakka bishaan daakkii hedduu qaban, kutaaleen taphaa, manneen qama itti dhiqatan babalaafi kutaalee saalonii mimmidiagoos qabu.

Kuuber Peedii keessatti wanti xiqqoo rakkoo ta'u yoo jiraate qormata jiidhinsati. Keessumaa bakka jiidhinsi jirutti mana lafa jalatti ijaaruun xiqqoo ni rakkisa. Bakka akkasii kanatti bilookeetiiwwan walirra tuuluufi reenjiin dibamanii akka jidha dandamatian taasifamu. Rakkoon biraan manneen lafa jalatti ijaaraman mudatu ligidaa'uudha. Ligidaa'uuf ammoo sababooni gurguddoona akka hanqina ulaa qilleensa, jiidhinsa bakka itti qama dhiqatanii, konkolaataafaa itti miicanifi kan biroo sirriitti maqsuu feesisa. Kana malees, manneen lafa jala yeroo ijaaramanitti sarara bishaan darburraa ykn lafa jidhinsatti dhiyeenya akka hin taane gochuudha.

Kanas ta'e sana, ummata bakka ho'aa hamaa keessa jiraatuuf manneen lafa jala kun fala.

**Milkaa'inni gama misooma dinagdeetiin galmaa'e bulchiinsa gaarii mirkaneessuutiiniis ni dabalam!**

Obbo Kaayyoo Mohaamad nagahee Lakk. 1123095 ta'e na jalaa bade waan jedheef ragaa bade kun bakka bu'ee akka kennamuuf Waajjiraa keenyaa gafataaniiru. Kanaafuu namni mormu yoo jiraate (dhimmi kun naa ilaatalaa kan jedhu) beeksifni kun bahee hanga guyyaa 30tti yoo dhiyaachuu baatee ragaa bade kan bakka bu'ee jedhoo kana kenniuuf ta'u ni beekifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Malkaa Noonnoo.

### Obbo Maammoo Mulugeetaatiif

#### Bakka Jirtanitti

Himataan Obbo Awwaqaas Gorfee fi Himatamaa isin jidduu falmii hariiroo hawaasaa jiru ilaachisee Himatamaan kun mana murtii kanatti himatamu keessan beektanii beellama gaafa 16/07/2016 sa'atii 4:00 irratti akka dhiyaattanii falmattan manni murtii ajajeera. M/M/A/ Aanaa kutaa Magaalaa Bokku Shanan.

R/Himattuun Aadde Asmaraa Tolchaa fi R/Himatamaa Obbo Girmaa Naggasaa jidduu falmii himata raawwii jiru ilaachisee R/Himatamaan himannoo raawwchiisa murtii kallattiin kan isinratti baname ta'u beektanii beellama gaafa 18/07/2016 sa'atii 4:45 irratti akka dhiyaattanii falmattan manni murtii ajajeera. M/M/A/ Kuyyuu.

### Obbo Miikiyas Ijjataatiif

#### Bakka Jirtanitti

Himataan Obbo Fedhasaa Dhugaasaa fi Himatamaa isin jidduu falmi jiru ilaachisee himatamaa 2ffaan kun mana murtii kanatti himatamu keessan beektanii beellama gaafa 16/07/2016 sa'atii 4:00irratti dhiyaattanii deebii keessan qabattanii akka dhiyaattanii manni murtii ajajeera. M/M/A/ Kutaa Magaalaa Gafarsa Gujee.

#### 1<sup>ffaa</sup> Alaazaar Yohaannistiif

#### 2<sup>ffaa</sup> Talbuddiin Eeliyaasiitiif

#### 3<sup>ffaa</sup> Mikaa'eel Tafarraawarqiitiif

#### 4<sup>ffaa</sup> Samiiraa Shamsuutiif

#### Bakka Jirtanitti

Himataan Obbo Masfin Abbabaafi Himatamtooni isin jidduu falmi jiru ilaachisee mana murtii kanatti himatamu keessan beektanii beellama gaafa 23/07/2016 sa'atii 8:00irratti akka dhiyaattanii falmattan ta'ee, kan hin dhiyaanne yoo ta'e dhimmichi bakka isin hin jirretti kan ilaalamu ta'u manni murtii ajajeera. M/M/A/ Kutaa Magaalaa Mana Abbichuu.

M/A/Mirga Faaxumaa Sulxaaniifi M/A/Idaa Damissee Shuumiyee jidduu falmi sivilii jiru ilaachisee M/A/Idaa dhimma raawwii Galmee kanaatiif mana murtii kanatti himatamu keessan beektanii beellama gaafa 17/07/2016 sa'atii 4:30irratti akka dhiyaattanii falmattan manni murtii ajajeera. M/M/A/ Kutaa Magaalaa Galaan.

### Obbo Taajoo Sh/Muhaammadiitiif

#### Bakka Jirtanitti

Iyyattuun Madiinaa Aliyyifi waamamaa isin jidduu falmi dhirsaafi niitummaa jiru ilaachisee mana murtii kanatti himatamu keessan beektanii beellama gaafa 25/07/2016 sa'atii 4:30irratti akka dhiyaattanii manni murtii ajajeera. M/M/Shari'aa A/Adaamaa.

Iyyattooni Tasfaa, Muluu, Zawudeefi Iteenesh Nuguseefi makamaan Alamaayyoo Nugusee seerummaa iyyattooni gaafataniitti falmii yoo qabaattan deebii keessan barreffamaan qabattanii beellama gaafa 18/07/2016 sa'atii 5:00irratti akka dhiyaattan manni murtii ajajeera. M/M/A/Gimbichuu.

Obbo Taaddasaa Taasammaa Nagahee Lakk. isaa 1881005 kan ta'e maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, nagahee kan biroo baafachuu kan danda'an ta'u ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Furii.

#### 1<sup>ffaa</sup> Obsaa Isheetuu N – 2 tiif

#### Bakka Jirtanitti

Himataan Uqqubii Waliin Guddinaafi Himatamtoota isin idduu falmii raawwii jiru ilaachisee isin akkaataa murteen kennameen qarshii isiiinti murtaa'e hunda raawwatani akka beellama gaafa guyyaa 16/07/2016 sa'aa tii 4:00ti dhiyaatan manni murtii ajajeera. M/M/ Murtii Aanaa Waliiso.

Obbo Bayanaa Hurissaa Nagahee Lakk. isaa 1892554 kan ta'e maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, nagahee kan biroo baafachuu kan danda'an ta'u ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Furii.

Obbo Abagaaz Taaddasaa Nagahee Lakk. isaa 0784980 kan ta'e maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, nagahee kan biroo baafachuu kan danda'an ta'u ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Furii.

#### Caalbaasii

R/himattuun Aadde Asnaaqua Hirphasaa fi R/himatamaa Bayuu Dabbaba jidduu falmii raawwii jiru ilaachisee qabeenyaa R/Himatamaa Kana ta'e mana jirenyaa Kutaa Magaalaa Laga Xaafuu Laga Daadhii keessatti kaaree meetira 200 irratti argamu ka'uumsa caalbaasii qarshii 196,477.103tiin gaafa 03/08/2016 sa'atii 3:00 – 6:30ti bakka qabeenyi kun argamutti waan gurguramuuf namoonni caalbaasii kanarratti dorgomuudhaan bitachu barbaaddan waraqaan eenyummaa keessan ibsu yoo bakka bu'aa taatanimmoo bakka bu'ummaa keessan qabattanii tilmaama dhiyaaterra qarshii ¼ qabchuudhaan dhiyaattanii bitachu kan dandeessan ta'u manni murtii ajajeera. M/M/ Aanaa kutaa Magaalaa Gafarsa Gujee.

#### Caalbaasii

M/A/Mirga Aadde Misiraaq Seefuu fa'aa N-2 fi M/A/Idaa Aadde Itiyoophiyaa Birhaanuu fa'aa N-4 jidduu falmii raawwii jiru ilaachisee mana jirenyaa Magaalaa Adaamaa Ganda Gooro keessatti argamu Lakk. Kaartaa isaa 356/70 kan ta'e maqaa M/A/Idaa Aadde Itiyoophiyaa Birhaanutiin galmaa'ee argamu bali'ina lafaa 250M<sup>2</sup>irratti argamu ka'uumsa caalbaasii qarshii 970,361.2tiin gaafa 14/08/2016 sa'atii 3:00 ---5:00ti akka gurguramu manni murtii ajajeera. Kanaafuu namoonni caalbaasii kanarratti dorgomuudhaan bitachu barbaaddan tilmaama dhiyaaterra qarshii ¼ CPO qabsiisuun bakka qabeenyichi argamutti dhiyaattanii bitachu kan dandeessan manni murtii ajajeera. M/M/ Aanaa Kutaa Magaalaa Boolee.

#### Sirreessa

Gaazexaa Kallacaha Oromiyaa Bara 31 Lakk. 14<sup>ffaa</sup> Guraandhala 7 bara 2016 maxanfamee baherratti Beeksisa Obbo Tarrafaa Aschaalaw Shifarrraa baasifatan keessatti Lakk. kaartaa isaa L/17651/P16 jedhamee kan bahe dogoggoraan waan ta'e Lakk Kaartaa saa L/17651/2000/P16 jedhamee sirreffamee haa dubbisamu.

#### Aaddee Xurunaash Mul'ataatiif

#### Bakka Jirtanitti

Himataan Obbo Asfwu Tafariifi himatamaa isin jidduu falmii jiru ilaachisee mana murtii kanatti himatamu keessan beektanii beellamni gaafa 04/08/2016 sa'atii 8:00 irratti akka dhiyaattanii manni murtii ajajeera. M/M/A/K/M/Gafarsaa.

### Obbo Naggasaa Toleeraatiif

#### Bakka Jirtanitti

Iyyattuun Feebaan Bayeeraafi Waamamaan isin jidduu falmii jiru ilaachisee waamamaan kun yoo jirataan beellama gaafa 18/07/2016 sa'atii 4:30ti akka dhiyaattan Manni Murtii ajajeera. M/M/Aanaa Walisoo.

Aadde Makkiyaa Shamsuu B/B Zeyinuu Sammaan Nagahee Lakk. isaa 430064 kan ta'e maqaa Balaay Nagaashiitiin galmaa'ee kennameef waan na jalaa badeef ragaan bade kun bakka bu'ee akka kennamuuf Waajjiraa keenyaa gafataaniiru. Kanaafuu namni mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 30tti yoo dhiyaachuu baatee ragaa bade kan bakka buufnee kan kenniuuf ta'u ni beekifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Buraayyu.

Aadde Birhaan Tasfaayee Nagahee Lakk. isaa 26134 kan ta'e maqaa Argaawu Dinbarutiin Nagaashiitiin galmaa'ee kennameef waan na jalaa badeef ragaan bade kun bakka bu'ee akka kennamuuf Waajjiraa keenyaa gafataaniiru. Kanaafuu namni mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 30tti yoo dhiyaachuu baatee ragaa bade kan bakka buufnee kan kenniuuf ta'u ni beekifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Buraayyu.

Xilaayee Taayyee Nagahee Lakk. isaa 1115484 kan ta'e maqaa Aliimaa Adamiitiin galmaa'ee kennameef waan na jalaa badeef ragaan bade kun bakka bu'ee akka kennamuuf Waajjiraa keenyaa gafataaniiru. Kanaafuu namni mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 30tti yoo dhiyaachuu baatee ragaa bade kan bakka buufnee kan kenniuuf ta'u ni beekifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Buraayyu.

Obbo Solamoon Adimaasu Nagahee Lakk. isaa 1115140 kan ta'e maqaa Wandim Aganyewutiin galmaa'ee kennameef waan na jalaa badeef ragaan bade kun bakka bu'ee akka kennamuuf Waajjiraa keenyaa gafataaniiru. Kanaafuu namni mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 30tti yoo dhiyaachuu baatee ragaa bade kan bakka buufnee kan kenniuuf ta'u ni beekifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Buraayyu.

Aadde Atixaggab Shawol Birree Magaalaa Hoolataa ganda Tulluu Harbuu keessatti warqaan ragaa mana jirenyaa lakk. Kaartaa B/M/H/216/2001 ta'e galmaa'ee kennaneef waan jalaa bade jedhanii iyyataniif, namni warqaa ragaa lafaa kan arge ykn sababa adda addaatiin qabate yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti WMM/Lafaa Magalaa Hoolataa Kutaa Waliigalteefi sanadaa gabaa dhiyaachuudhaan gabaasaa akka gootaan jechaa, guyyaa jedhamee kana keessatti dhiyaachuu baannaan ragaan kun haqamee ragaan biraa kan kennamuuf ta'uuni beeksifna. Waajjira lafaa Bul/ Magaalaa Hoolataa.

#### Caalbaasii

M/A/Mirga Maabaraat Haddis –Simarat Maabraatu, Tsaggaa Maabraatu, Natsnnat Maabraatu, Iskadar Maabraatuufi Aadde Gannat Adafris jiddu falmii raawwii jiru ilaachisee mana jirenyaa duraan Magaalaa Adaamaa Caaseffama ammaatin kutaa Maagalaa Bokku Shananii Aanaa Haroorettii keessatti lafa 105M<sup>2</sup>ta'e irra jiru Lakk. Kaartaa B/SH/1109/2000 ta'e maqaa R/Himatantu Aadde Gannat Adafris galmaa'ee jiru Manni Murtii Aanaa Kutaa Magaalaa Bokku shaman caalbaasii ifaan ta'en dorgoomsiisee akka gurguramu waan ajajeef, namooni bitachu barbaaddan gaafa 05/08/2016 sa'atii 3:00 hanga sa'atii 6:00ti caalbaasichi banamee dorgomtoota dhiyaataniif gatii ka'uumsaa ol gatii ol'aanaa argametti nanichi caalbaasiif dhiyaate kun waan gurguramuuf

1. Caalbaasii moo'ataan harka %25 guyyaa caalbaasii mo'ee kan kaffalu ta'u dirqama kan qabu yoo ta'u qarshii hafe immoo achi booda guyyoota 15 keesatti kaffaludhaaf dirqama qaba.
2. Moo'ataan mallaqa dursa qabamu qabu yoo gurgurataan irraa deebidhaan kan gaggeffamu yoo ta'u baasiin gurgurtaa akka haaraatti itti bahu itti gaafatamummaan kan irratti kufu ta'u akkasumas maallaqnii inni dursee qabsiise baasiawan irraa hir'ifamnii kan mootummaaf galii ta'u akka beektan dabalataan manni murtii ni beeksisa. M/M/A/ Kutaa Magaalaa Bokku Shanan.

**1<sup>ffaa</sup> Obbo Girmaa Fayyisaatiif****2<sup>ffaa</sup> Obbo Dirribaa Fayyisaatiif****3<sup>ffaa</sup> Aaddee Warqii Fayyisaatiif****Bakka Jirtanitti**

Himataan Obbo Waamii Tolaafi himatamtoota falmii dhaalaa isin jiduu jiru ilaachissee himatamtoonni kun himatamuu keessan beektanii beellama 16/07/2016 sa'atii 3:30 dhiyaatanii akka falmatanmani murtii ajajeera. M/M/A/Meetaa Roobii.

Obbo Na'imaa Yaasiin Nagahee Lakk. isaa 163580 kan ta'e maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, nagahee kan biroo baafachuu kan danda'an ta'u ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Furii.

Obbo Tasfaaye Fiqaduu Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Kutaa Magaalaa Koyyee Faccee keessatti Nagahee Lakk. isaa 0039659 kan ta'e maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef Orijinaalli na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 20 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, nagahee kan biroo baafachuu kan danda'an ta'u ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Koyyee Faccee.

Obbo Taganee Danquu Sabbooqaa Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Kutaa Magaalaa Galaan keessatti lafa mana jirenyaa kennameef Nagahee Lakk. isaa 0179396 kan ta'e maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef orjinalli isaa na jalaa bade jedhanii waajjira keenyaatti iyyataniiru. Kanaafuu namni Nagahee kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera jedhu, yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti qaama dhimmi ilaaluuf ragaa kana akka deebisu, yoo kun ta'u baate kana duraanii akka badeetti lakkaa'amee footoo koppiin orjinalaa kan kenniuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Galaan.

Aadde Asteer Gabaree Waldagiyoorgis Magaalaa Bishooftuu kutaa magala Dhibaayyu, Koodii Addaa ciittuu Lafaa OR003074103001 fi bali'inni isaa 209.78M<sup>2</sup> kaartaa waan na jalaa badeef kan biraabakka bu'ee naaf haa kennamau jedhanai iyyataniiru. Kanaafuu namni kaartaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 21keessatti WLM/Bishooftuutti qaamaan dhiyaate akka ibsu beeksisa, kun ta'u baannan kaartaa haaraa maqaa isaaniitiin hojjatamee kan kenniuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Bishooftuu

